

# **FEDHA WAAQAYYOO, KARAA KEENYA**

**JACKIE OESCH**

**GARA LAAFUMMAA WAAQAYYOO HUBACHUU: YEROO RUUT ISA JAALLATTE,  
YEROO SAAMU'EEL ISA TAJAAJILAA TUREE FI SABNI ISAA ISA TUFFATAN.**

**SEENAAWWAN MACAFAA RUUTII FI MACAFAA SAAMU'EEL ISAA DURAA IRRAA**

**".....DUBBII KEE ABDIIDHAAN WAANAN EGGADHUUF....."**

**MACAFAA FAARFANNAA 119:74**

**Jalqaba**

**Seensa**

**Barannoo 1**

- 1.seenaa Ruut barsiisuu
- 2.Ibsa jechoota faara tolaa fi hadha'aa irratti kenname
- 3.Yeroo Ruut qarmii bu'attu
- 4.Bo'aaz Ruutiif dhimmamuu isaa
- 5.kabajaa Ruut Bo'aaziif qabdu.

**Barannoo 2**

- 1.Seenaan jaalalaan yeroo itti fufu
- 2.Amala Aantummaa fi barcuma qajeelchaa
- 3.Affeerraa Bo'aazii fi hariiroo inni uume
- 4.Eebba gaa'ilaa irraa argamu
5. Raawwii eebbaa fi ibsa isaa

**Barannoo 3**

- 1.Hidda dhalootaa Saamu'eel
- 2.Deemsa gara shilohitti taasifame
- 3.Qophii Saamu'eel Waaqayyoon tajaajiluuf taasise
- 4.Gammachuu Haannaa
- 5.Eelii fi ilmaan isaa

**Barannoo 4**

- 1.Ilmaan Eelii yeroo ibsinu
- 2.Waamicha Waaqayyo saamu'eeliif taasise
- 3.Seenicha irratti ibsa kenname
- 4.du'a Eelii fi ilmaan isaa
- 5.Fudhatamuu Saanduqa kakuu Israa'eelotaa

# Fedha waaqayyoo, karaa keebya

---

## **Barannoo 5**

- 1.Israa'eelotni gara Waaqaatti deebi'uu isaanii
- 2.Israa'eelotni mootii fedhuu isaanii
- 3.Waaqayyo akka mootii Israa'eelotaatti fudhatamuu dhabuu isaa
- 4.Saa'ol Saamu'eel waliin wal arguu isaa
- 5.Saa'oliif barcumni kabajaa kennamuu isaa

## **Barannoo 6**

- 1.Saa'ol akka mootiitti dibamuu isaa
- 2.Saa'ol osoo mootii ta'ee jiruu abboomamuu diduu isaa
- 3.Ibsa waa'ee mootummaa Saa'ol
- 4.Macaafa Faarfannaab qonaa 130 Yaadachuu
- 5.Keessa deebii. Fedha Waaqayyoo, karaa keenya.

## Jalqaba

Yeroo isin qo'annaa macaafa qulqulluu keessan itti fuftanitti, Moojulli **Fedha Waaqayyoo, karaa keenya** jedhu kun carraaqpii jirenya keessan sirreessuuf taasisu itti ni fufa. Deemsi keessan kan namoota biroottii adda ni ta'a, akkasumas deemsi keessan, obsaa fi fedhii isin beekumsa macaafa qulqulluu guddifachuuf qabdaniif fi dhugaa macaafa qulqulluu hubachuuf qabdan irratti hunda'a. Kutannoon isin barumsa kana irratti agarsiiftan akka isin jirenya keessan akkaataa sagalee Waaqayyoootti geggeeffattaniif isin gargaara.

Barnoota kana keessatti wantoota shan akka qabaattaniif ni gaafatamtum. Meeshaawwan kanneenitti yeroo barumsa kana hordoftan ni fayyadamtum. Muuxannoo barumsa kana irratti qabdan gabbifachuuf meeshaawwan kana guyyaa hunda ni fayyadamtum. Meeshaawwan kanneenis akka armaan gadiitti tarreffamaniru.

1. Meeshaa (moojulii) qo'annaa macaafa qulqulluu **Fedha Waaqayyoo, Karaa Keenya**
2. Maxxansa haarawaa Macaafa Qulqulluu isa addunyaawaa (NIV).  
**Hubadhu:** yoo haarawaa ni bittu ta'e, Macaafa Qulqulluu wantoota armaan gadii of keessatti haammate bituuf yaalaa.
  - a. Baafata kutaawwan Macaafa Qulqulluu hundi irratti tarreffamanii kan qabu
  - b. Tartiiba keeyyatni tokko keeyyata biro waliin itti madaalamu kan qabu, keessumattuu giddu galeessa fuula hundumaa irratti
  - c. Barreffama jechoonni barbaachisoo ta'an irratti tarreffaman kan qabu, xumura macaafichaa irratti
  - d. Dabalataanis kaartaa bu'uura ta'an muraasa xumura irratti qabaachuu isaa mirkaneeffachuu ni qabdu.
3. Qalama yookiin Israasii fi Haayilaayitarii kutaawwam macaafa qulqulluu garagaraa eeruudhaaf gargaaru
4. Macaafa yaadannoo irratti qabattan yookiin taableetii
5. Waraqaa yaadannoo boca  $3 \times 5'$  n yookiin  $4 \times 6'$  n qophaa e.

Ulaagaawwan afran lakk. 2 irratti tarreffaman irratti hundaa'uun luqqisiwwan macaafa qulqulluu irra jiran gaarii ta'een hubachuuf qopha'aa. Yeroo Macaafa Qulqulluu bittan, akka namichi inni isin irraa bittan filannoo keessan irratti isin gargaaru taasisaa. Qajeelfama gaafadhaa, keessumaayyuu yeroo Macaafa Qulqulluu tartiiba keeyyatni tokko keeyyata biroo waliin madaalamu of keessatti qabate bitachuudhaaf barbaaddan.

Wanti isin beekuu qabdan, hiikkoon garagaraa Macaafa Qulqulluu bijya keessatti, keessumattuu kuusaa Macaafa Qulqulluu, kuusaa **Barnes fi Noble type** jedhamu keessatti ni argamu. Hiikkoon Macaafa Qulqulluu barnoota kanaaf ibsame maxxansa haaraa Macaafa Qulqulluu isa addunyaawaa, NIV jedhamuudhaan beekama. Riiferensootni qo'aanna macaafa qulqulluu kana keessatti argaman hiikkoo NIV irraa kan sassaabamani dha. Maxxansi kun barreffama isa jalqabaa irraa hiikame, dabalataanis beektonni akka hiikkaan kun sirri ta'ee fi afaan yeroo ammaatti fayyadamu ni eeru. Hiikkoowwan adda addaa xixiqqoo baayyeen ni argamu, Hiikkoowwan kunniinis yeroo tokko tokko akka hubannoo fi ibsa waa'ee kutaawwan macaafa qulqulluu muraasa ta'an irratti argattaniif isin gargaaru. Hiikkoowwan garagaraa irratti dabalees, Macaafotni Qulqulluu tokko tokko namoota maxxansaniin Macaafota

## Fedha waaqayyoo, karaa keebya

---

Qulqulluu qo'annaf oolan jedhamanii waamamuudhaan ni qophaa'u. Macaafotni kunniiin yaadannoo bal'aa fi qabiyyee guguddaa ni qabaatu.

Macaafa Qulqulluu keessan irratti barreessuu hin sodaatinaa. Eeyyama ni qabdu, kanaafi kan qalamnii fi haayilaayitarri meshaalee kanneen biroo armaan oliitti caqafamanitti dabalamee eerameef. Isin Macaafa Qulqulluu keessan qo'attu. Yaadannoo mataa keessanii qabadhaa, jala sararaa, haayilaayitaraan kutaa qabachuu feetanitti dibaa, itti marsaa akkasumas xiyya itti godhaa. Isin akka yaada keessan macaafa yaadannoo keessan irratti katabdan yookiin taableetii keessaniin warabdaniif ni gorfamtu.

Barannoowwan jahan hundi kutaawwan shan shanitti qoqqoodamu. Kutaawwan kun akka isin yeroo qabameeffiti barnoota kana xumurtaniif isin geggeessu. Ariitiin qo'anna keessanii akkaataa qo'annaa keessanii irratti hunda'a. Yeroo tokko tokko, barnootni kun yeroo isiniif qabame caalaa isin gaafachuu ni danda'a, akkasumas barannoowwan kana kutaa barumsaa tokko keessatti akka xumurtaniif isin irraa eegamuu ni danda'a. Haaluma kanaan, yoo barannoo tokko ariitidhaan xumurtan gara barannoo itti aanuutti darbuu ni dandeessu.

Yoo qo'annaan Macaafa Qulqulluu kun isiniif kan jalqabaa ta'e, Moojulii qo'annaa **Macaafa Qulqulluu kan mataa ofii gochuu** jedhamu irraa akka eegaltaniif ni gorfamtu. Barnootni kun akka isin Macaafa Qulqulluu guutummaatti hubattaniif akkasumas qo'attaniif isin gargaara. Moojulii **Macaafa Qulqulluu kan mataa ofii gochuu** jedhu kana toora iintarneetii [www.fullvalue.org](http://www.fullvalue.org) irraa argachuu ni dandeessu. Boqonnaawwan dabalataas bilisaan ni argattu.

- **karoora Waaqayyoo, filannoo keenya** - kun qu'annoo boqonnaawwan Macaafa Seera Uumamaa boqonnaawwan 11'n jalqabaati.
- **Kakuu Waaqayyoo, eebba keenya** -kun seenaa Abrahaam Macaafa Seera Uumamaa boqonnaa 12-35 keessatti argamuuti.
- **Amanamummaa Waaqayyoo, Abdii keenya** - kun seenaa Yisihaaqii fi Yaa'iqoob Macaafa Seera Uumamaa boqonnaa 25-36 keessatti caafameeti.
- **Dhiifama Waaqayyoo, Bilisummaa keenya** - kun seenaa yooseefiifi obbolota isaa Macaafa seera uumamaa boqonnaa 37-50 keessatti argamuuti.
- **Waamicha Waaqayyoo, fayyina keenya** - kutaa 1ffaa fi 2ffaan Macaafa Seera ba'u of keessatti haammata.
- **Argamuu Waaqayyoo, Moo'icha keenya** -kun qo'annaa Macaafa Abbootii Firdii fi Macaafa Iyyasuu ti.

Moojuliwwan kanneen akka armaan oliitti haa caqasaman malee, Boqonnaa sagalaffaa mata dureen isaa Fedha Waaqayyoo, Karaa keenya jedhamu qo'achuudhaaf moojuliwwan kunneen nu hin barbaachisani.

Xumura irratti, barumi kun akka isin ofiima keessan of barsiistaniif kan barreffame ta'uu isaa hubachuu qabdu. Moojuliin kun haala hubachuuf salphaa ta'een kan qophaa' e dha. Hubachuuf salphaa waan ta'eef, Rakkoo tokko malee meeshaa qo'annoo (moojulii) Macaafa Qulqulluu kana ni xumurtu. Haala wal fakkaatuun, qo'annoon kun kan nama gammachiisu ni ta'a. Odeeffannoo haaraas ni argattu. Odeeffannoo

# Fedha waaqayyoo, karaa keebya

---

fi muuxannoo haaraa namoota biroo waliin wal ni jijiirtu. Akkasumas, gaaffilee ciccimoo deebii barbaadanis ni gaafattu.

Yeroo isin qo'anno kana geggeessitanitti, hiriyoota keessan muraasa akka affeertan ni gaafatamu. Fakkeenyaaf jiimnaaziyeemii yeroo deemtanitti hiriyoota keessan achi jiran affeerun isiniif salphaa ni ta'a. Waliin ta'uun miira itti gaafatamummaa fi kaka'umsaa akka horattan walii keessan ni taasiftu. Tarii isin Maanneetii namootni waliin jiraatan (Appaartaamaa) keessa jiraattu ta'a akkasumas, hiriyoota qo'anna kana keessatti hirmaachuudhaaf fedhan ni qabdu ta'a. Tarii bakka hojii keessaniitii namni sagalee Waaqayyoo dhaggeeffachuuf karaa keessan affeeramu barbaadu ni jira ta'a. Tarii isin charchii itti barattooni waa'ee waan torban keessatti baratanii akka waliin haasa'aniif itti jajjabeeffaman keessatti waaqeffattu ta'a yookiin charchii sirna kana hordoftu ni beektu ta'a. Haaluma kamiyyuu keessatti yoo argamtan iyyuu, Haala mijawaa itti namoota waliin wal geessan akkasumas hiriyoota keessan waliin hubannoo Macaafa Qulqulluuf qabdan itti guddiftan uumaa. Namootni garee keessan keessa jiran, baayyatanis xiqlaatani, akkuma isin beekumsa isaanii gabbisuuf isaan gargaartan, isaanis isiniin ni gargaaru.

Amma yeroo itti jalqabnu ta'a. Macaafaa qulqulluu keessan keessaa Macaafa Ruut boqonnaa jalqabaa banuudhaan deemsaa keenya itti ni fufna.

## Seensa

Moojuliin **Fedha Waaqayyoo, Karaa keenya** jedhu kun namoota baay'ee garaagara ta'an sadii of keessatti qabata. Ruut; dubartii abbaan manaa irraa du'ee fi biyya sanaaf keessummaa taate; kan wanta hundumaa dhiisuudhaan amaatiit ishee waliin ta'uudhaan gara biyya kakuutti adeemte. Ruut Naa'oomiittii adda ba'uun irra, jirenya ishee guutumma Naa'oomiidhaaf kennuuf murteessite.

Namni lammafaan immoo Saamu'eel ture, nama dubartii dhabduu taate irraa argame ture. Umurii ijoollummaa isaatti Waaqayyoof kennamuudhaan godoo qulqullummaa keessatti luba Eelii jalatti ta'uudhaan Waaqayyoon ni tajaajila ture. Tajaajilli inni amanamummaadhaan Waaqayyoof kennaa ture jirenya isaa guyyaa hundaa keessatti ni mul'ata ture. Jalqabatti, Saamu'eel nama Waaqayyo akka Saa'oliin dibuuf muude ture.

Namni inni sadaffaan immoo Saa'ol ture, mootii Israa'eel isa jalqabaa jechuu dha. Saa'ol yeroo warri Israa'eelotaa Waaqayyo waliin hariiroo gaarrii qabaatanitti mallattoo Israa'eelotaa ture.

Saa'ol mootii ta'ee akka tajaajiluuf Waaqayyoon dibameyyuu, inni Waaqayyoof ajajamuu dhiisuu filate. Akkuma Saa'ol, Sabni Israa'eelis saba Waaqayyoon filatame ture. Waaqayyo saba Israa'eeliif Kakuu ni qaba ture. Akkuma Saa'ol irratti hafuurri Waaqayyo humnaan irra buufate, Sabni Israa'eelis akka lafa kakuu isaanii to'ataniif Waaqayyo humna ni kenneef. Sana booda, Saa'ol Waaqayyoof abboomamuu dhiisuudhaan Waaqayyo irratti ni fincile. Haaluma kanaan, Israa'eelotnis Waaqayyoon akka waaqa isaaniitti fudhachuu ni dhiisani, akkasumas akka saboota kan biroo mootii mataa isaanii ni fedhani.

## Fedha waaqayyoo, karaa keebya

---

Sabni Israa'eel yeroo sanatti gaaffii kana deebisuu ni qabu turani. Mootii isaanii eenyutu ta'aa? Macaafa Seera ba'uu boqonnaa 32 keessatti, yeroo bulchiinsa Musee, akka sabni kun Waaqa isaanii waaqolii tolfamaa kan birootti, Jabbii warqee irraa tolfametti jijiiruuf fedhan dubbifnee turre. Aaroon saba kana waan sodaateef, akka isaan waaqeffataniif waaqa tolfamaa kana ni tolcheef. Macaafa Saamu'eel isa duraa boqonnaa 13-15 keessatti,akkamitti akka Saa'ol abboommii Waaqayyoo diduudhaan saba kana karaa dogoggoraa irra geggeessaa ture ni baranna. Akkuma Saba Israa'eel Saa'olis gaaffii kanaaf deebii deebisuu ni qaba, Waaqni isaa eenyuu? Akkasumas akkuma Museen wanta Aarooniifi sabni Israa'eel raawwatan jibbe, Saamu'eelis gochaa saa'ol raawwate ni qeeqe.

Abboomamuu diduun cubbuu hooda sobaati, xiiqeffachuunis jal'ina akka waaqa tolfamaa waaqeffachuuti, sababii ati dubbii Waaqayyoo tuffatteef, innis akka ati mootii hin taaneef si tuffateera jedheen. Macaafa Saamu'eel isa duraa boqonnaa 15, 23 irratti.

Jalqaba irratti, gaaffiin sabni Israa'elii fi Mootichi Saa'ol deebisuu qaban, gaaffii anii fi isinis deebisuu qabnu dha. Waaqi koo eenyu? Waaqi koo inni ani jaalladhu, tajaajiluu fi abboomamuuf eenyu?

Yeroo qo'annaa kana irratti hirmattan sagalee waaqayyoof abboomuu keessanitti ni gammaddu, akkasumas hariiroo jabaataa isa waliin uumuu keessanittis ni gammaddu. Akka isin Waaqayyoon qofa akka fayyisaa fi mootii keessanitti waaqeffattaniif hafurri isaa isin haa jabeessu.

## Barannoo 1- Kutaal 1

### Seensa

Macaafa Abbootii firdii fi Macaafa Saamu'eel isa duraa gidduutti seenaa jaalalaatu argama. Macaafni Ruut boqonnaa afur qofa qaba. Seenaan kun yeroo Abbootiin firdii biyyicha bulchaa turan raawwatame. Barri kun bara itti sabni Israa'eel abbootii firdiif itti hin dhageenye ture, garuu immoo bara itti sabni kun eenyumma isaanii waqaolii tolfamaaf kennuudhaan waqaeffachaa turani dha, bara itti sabi Israa'eel hojii badaa fi karaa ja'linaa irraa itti deebi'uu dide ture. Macaafa Abbootii firdii 2: 17-19.

Seenaan Ruut tarii beekuu dhabuu ni dandeessu. Barannoo kana keessatti, waa'ee dubartii wanta hunda dhiisuudhaan saba Israa'eeliin fi Waaqa Israa'eeliin filattee waliin wal bartu.

### Hojii Manaa:

#### Macaafa Ruut boqonnaa 1ffaadubbisaa

- Namoota boqonnaa kana keessa jiran adda baasi
- Haala akkamiitu ture?
- Murteewan godhaman maal turani?

### Gilgaala:

Lakkoofsa 1-4 tti dubbisuun hariiroo maatii chaartii armaan gadii irratti tarreessi:

---

Abbaa manaa

---

Haadha manaa

---

Ilmaan

---

Haadha manaa

---

Ilmaan

---

Haadha manaa

## Fedha waaqayyoo, karaa keebya

---

1. Maatiin kun eessaa dhufe? Maaliif immoo deemani? Lakk. 1

---

---

2. Eessa jiraachuuf filatani? Lakk. 2 irratti

3. Ilmaan lamaan Orphaa fi Ruutiin fuudhan biyya Moo'ab keessa turani? Maatii Naa'oomii irra maaltu ga'e? Lakk. 3-5

---

---

4. Oduu maaliituu Naa'oomii qaqqabe utuu isheen Mo'aabiin jirtuu? Lakk. 6

---

---

5. Dubartittiin manatti deebi'uuf qophootee karaa gara yihuudaatti geessu ni jalqabde. Naa'omiin niitiwwan ilmaan isheetti maal dubbattee? Lakk. 8 keessatti

---

---

Eebbi ishee maal ture?

● Waaqayyo \_\_\_\_\_

● Waaqayyo \_\_\_\_\_

6. Deebiin dubartoota kanaa maal ture? Lakk 10

---

---

7. Naa'omiin maaliif akka isaan manatti deebi'an barbaadde? Lakk 11-13

---

---

8. Orphaan maal raawwatte? \_\_\_\_\_

Ruut maal raawwaatte? \_\_\_\_\_

9. Naa'omiin akka Ruut gara saba ishee fi waaqa isheetti deebitu feete. Ruut maal deebifteef?

---

---

Ruut Naa'oomii dhiiftee deemuuf hin turre. Du'a qofa ture kan ishee Naa'omiirraa adda baasu.

## Fedha waaqayyoo, karaa keebya

---

10. kanaafuu, dubartoonni lamaan gara Beeteeliheemitti adeemani. Yeroo achi ga'anitti jeequmsi ni uumame. Dubartiin Beeteliyeem gaaffii ni gaafatte:

---

11. Naa'oomiin akka uummatni gadduu ishee hubatan barbaadde. Naa'oomii jechuun, Faara toleettii jechuu dha. Amma \_\_\_\_\_ jedhamtee waamamuu barbaadde. Lakk 20

Maal jechuu dhaa? \_\_\_\_\_ Isheen jirenya ishee akkamitti hubatte? Lakk 21

---

---

12. Lakkoofsi 22 wantoota uumaman hundumaaf goolaba kenna. Ruut, niitiin ilma Naa'oomii akka isheen warra Moo'aab taate hubadhu, Barri kun yoomi? \_\_\_\_\_

## Barannoo 1- Kutaa 2

### Barsiisa

Seenaan kun baay'ee salphaa dha. Beelatu ture. Maatiin kun gara biyyoota midhaan qabaniitti ni adeemani. Ossoo Mo'aab keessa jiraatanii abbaan warraa dubartittii ilmaan lamaan waliin ishee dhiisuudhaan ni du'e. Ilmaan kunniniis ni fuudhani, garuu yeroo muraasa boodas ni du ani. Dubartoonni abbaan warraa isaanii irra du'an sadan kunnini gara manneetii isaaniitti deebi'uuf murteessani. Haadha manoolii ilmaan Naa'oomii keessaas isheen tokko gara maatii isheetti deebite, isheen biroon immoo amaatii ishee waliin turuu murteessuun gara Beeteliyeemitti amaatii ishee waliin ni adeemte.

Dubartittiin Beeteliyeem akka Naa'omiin deebite tasuma hin amanne. Maqaan barbaachisaa dha. Naa'oomii jechuun, Faara toleettii jechuu dha, garuu Naa'omiin maqaa kana hin barbaanne, Maaraa jedhamtee waamamuu barbaadde, Hadhaawaa jechuu dha.

Lakkoofsa 20 fi 21 irra deebiin dubbisi. Waa ee wanta Waaqni ishee irratti raawwatee maal dubbatte?

- Inni jirenya koo \_\_\_\_\_ taasise.
- Inni \_\_\_\_\_ deebisee na fide
- \_\_\_\_\_ ana irratti raawwate
- \_\_\_\_\_ raawwatee ana fide

Faara toleettii irraa gara hadhaawaa. Jirenyi Naa'omii gaddaan kan guutame ture. Abbaan manaa fi ilmaan ishee du'aniiru. Isheen jirenyi ishee akka gammachuu hin qabneetti fudhatteetti. Akka Naa'omiin hubatteti, haallii isheen keessa jirtu, akka abaarsa Waaqayyootiin ishee qunnameetti fudhatti. Waaqayyo inni waan hundumaa danda'u waan kana ana irratti raawwateera jettee yaaddi. Isheen dubartii jirenyi ishee itti hadha'a dha.

### Ibsa:

Haalotnii fi wantootni jirenya keenya keessa jiran akka jirenyi keenya nutti hadhaa'u taasisuu ni danda'u. Nuti, akkuma Naa'omii haala keessa jirruuf Waaqayyoon qeequu ni dandeenya. Akka jirenyi keenya hadhaa'u fi duwwaa ta'u akkasumas gidiraa fi ayyaana dhabeessa akka taanu inni taasiseera jennees isa himachuu ni dandeenya. Deebiwwan nuti jirenya keenya keessatti deebifnu miira gadda keenya irraa kan ka'e ta'u ni danda'a, garuu xumura irratti filannoo akkaataa jirenya keenya ittiin geggeeffachuu qabnu qofatti hafna. Jirenya hadhaawaa fi gadadoo ofii keenya irraa

## Fedha waaqayyoo, karaa keebya

---

ittisuu hin dandeenyuu? Gaaffiin yoom iyyuu hin hafne, Yeroo jireenyi koo duwwaa fi gidiraadhaan guutu akkamittan deebii kennaa? Kan jedhu dha.

---

---

Akkaataa kamiin jirenyi keessan jirenya Naa'oomii, Ishee faara toleettii waliin wal fakkaata?

---

Maaraa, hadhaawaa waliin hoo?

---

### Kadhanna:

Yaa Waaqayyo, darbee darbee jirenyi wantootaa fi haalota gidiraa fi gadda uumuu danda'aniin guutuu dha. Yeroo ani itti akka waan ati duwwaa ta'uu, hadhaa, gidiraa fi gadda gara jirenya kootti fiddeetti si qeequu fi himadhu ni jira. Gara kee ilaaluu irra si irraa fuulan naanneffadha. Kan hadhaa koo mi'eessuu danda'u, duwwaa koo kan guutuu danda'uu fi kan gidiraa jalaa ana bilisoomsuu danda'u si qofaa dha. Akka ani si simadhuuf laphee koo bani.

---

---

---

---

## Barannoo 1- Kuta 3

### Hojii manaa:

Ruut boqonnaa 2 dubbisaa. Yeroo dubbiftan eenyummaa haarawaa ni agartu

- Namichi haaraan eenyu?
- Waa'ee isaa maal hubanna?
- Hariroon inni Naa'oomii fi Ruut waliin qabu maal ture?

### Gilgaala:

1. Lakkofsa 1 irratti eenyuun agarre? \_\_\_\_\_  
Waa'ee isaa maal hubanna? \_\_\_\_\_
2. Ruut maal hojjechuu barbaadde lakk 2 irratti? \_\_\_\_\_
3. Eessatti qarmii bu'atti ? lakk. 3 irratti \_\_\_\_\_
4. Boo'aaz Naa'oo isaa maal gaafate , Naa'ichi immoo maal jedhee deebiseef? Lakk. 5-7  
\_\_\_\_\_
5. Bo'aaz Ruutitti gaarummaa haala akkamitiini itti agarsiise? Lakk. 8-9  
\_\_\_\_\_
6. Ruut akkamitti deebii kenniteef? Lakk.10  
\_\_\_\_\_
7. Boo'aaz waa'ee ishee ilaachissee wanta itti himame hundumaa deebisee isheetti ni hime. Kana boodas eeba waan lama dubbachuun ishee ni ebbise. Lakk.12
  - a. Waaqayyo \_\_\_\_\_
  - b. \_\_\_\_\_ ta'i.
8. Akka keessummaatti Ruut hojjettoota keessa hamma ishee tokkoo iyyuu hin geessu. Haa ta u malee, Lakk.13 irratti ruut maal gaafatte? \_\_\_\_\_
9. Bo'aaz hojjettoota isatiif qajeelfama akkamii kenneef? \_\_\_\_\_
10. Gaarummaa fi arjummaan Boo'aaz Ruutiin qofa utuu hin ta'in Naa'oomiifis eeba ni ta 'e. Ruut hamma galgalaa'utti qarmii bu'atte. Garbuun isheen cagadatte sunis gara quunnaa sadii isheedhaaf ni ta e, gaarummaan Bo'aazis akka isheen amaatiis ishee Naa'oomiidhaaf garbuu hafe kennuufiidhaan arjummaa ishee itti agarsiistuuf carraa baneef. Naa'oomiin Ruutiin maal

# Fedha waaqayyoo, karaa keebya

---

gaafatte? Lakk 19

---

11. Naa'oomiin Ruutitti waa'ee Boo'aaz ilaachisee maal itti himte? Inni eenyuu? Lakk 30

---

12. Lakkoofsa 21 keessatti Ruut amaatii isheetti wanta ishee fi Bo'aaz gidduutti uumame itti ni himte.

a. Naa'oomiin Ruutiin akka maal raawwattuufiti gorsitee? Lakk. 22 irratti

---

b. Ruut maasii keessa yeroo hangamiitiif turtee? \_\_\_\_\_

---

c. Ruut yeroo hamma kana eessa jiraatte? \_\_\_\_\_

---

## Barsiisa:

Macaafa Keessa deebii 25: 5-6 irratti, waa'ee gadda Naa'oomii ilaachisee tuqaawwan muraasa nuuf kenna. Lakkoofsotni kun ergaa armaan gadii qabu, Obboloota walii wajjin jiraatan keessaa inni tokko osoo dhala hin godhatin yoo du'e, haati manaa isa du'e sanaa, maatii sana keessaa baatee ormatti hin heerumiin. Obboleessi abbaa manaa ishee gara ishee dhaqee, barcuma qajeelchee, haadha manaa ishee haa godhatu. Maqaan isaa Israa'eel keessaa akka hin badnetti ilmi isheen angafa deessu maqaa isa du'e sanaan haa waamamu. Amma haala Naa'oomii fi Ruut keessa jiran hubadhaa. Abbaan manaa Naa'oomii fi ilmaan ishee lamaan du'aniiru. Maqaa maatii abbaa manaa ishee namni itti fufsiisu hin jiru. Ruut erga obboleessi abbaa manaa ishees du'ee booda, nama itti heerumtu hin qabdu turte.

Yeroo Bo'aaz gaarummaa fi arjummaa Ruutitti agarsiisutti, Naa'oomiin yaada kennite, Waaqayyo gaarummaa isaa warra jiranii fi warra du'an irraa hin fudhanne, Isa haa eebbisu jette.

Naa'oomiin Bo'aaziin akka" fira isaanitti dhi'aatuutti akkasumas barcuma qajeelchuutti ilaalte." Inni maatii kana jiraachisuuf itti gaafatamummaa ni qaba jette. Bo'aaz akka seera yihuudotaatti itti gaafatamummaa Ruutiin fuudhhu qaba. Seerri kun qabeenya abbaa manaa ishee isa du'ee ilaachisee kan raawwatamu dha. Seera Leewwotaa 25: 25-28 irratti, "Isin warra Israa'eel keessaa tokko yoo hiyyoomee araddaa isaa yoo gurgure, aantiin isaa dhufee wanta obboleessi isaa gurgure sana haa furu. Aantii isa furu kan hin qabne immoo ofii isaatii wanta fure sanaaf isa ga'e yoo argate, erga gurguree kan waggoota darbanii lakkaa'ee, wanta isa irraa hafu namichaaf haa baasu, ofii immoo araddaa isaatti haa deebi'u jedha." Inni aantii fi barcuma qajeelchaa ture. Waa'ee ga'ee fi dirqama aantummaa fi barcuma qajeelchuu booda gadi fageenyaan ni ilaalla.

## Barannoo 1- Kutaa 4

### Raawwii:

Macaafa Ruut boqonnaa 2 keessatti waa'ee namoota lamaa ni agarra, namni inni tokko Bo'aazi, Isheen biroon immoo Ruuti. Kun seenaa jaalalaa ta'u u isaa yaadadhu. Macaafa Ruut boqonnaa 4 keessatti Bo'aaz Ruutiin fuudhuu isaa baranna. Seenaan kun gabaabaa dha, Yemmuu itti hariiroon isaanii guddatu boqonnaa lammaffaa kana keessatti ni agarra. Mee jalqaba waa'ee Boo'aaz haa ilaallu:

1. Macaafa Ruut 2: 8-9 irra deebiin dubbisaa. Qajeelfamni Bo'aaz Ruutiif kenne maal ture?

---

---

---

Bo'aaz waa'ee nageenyaa fi eegumsa Ruutiif ni dhimmama ture. Qajeelfama isaa yaadadhaa.

2. Macaafa Ruut 2: 14-16 irra deebiin dubbisaa. Bo'aaz Ruutiif maal dhiyesseef?

---

---

Bo'aazitti, Ruut wanta ishee ga'u waan argatte itti hin fakkanne. Inni akka isheen nyaattee quuftu qofa osoo hin ta 'in, akka isheen Naa'oomiif fuutee galtu, isa irraa hafu immoo gurgurattu barbaade.

3. Waaqayyo akka dhiirri haadha manaa isaatiif fi maatii isaatiif eegumsa godhuu fi dhimmutti uume. Boo'aaz amala kana hariiroo inni Ruut waliin uume keessatti ni agarsiise. Yeroo amma keessa jirru kanatti, amalootni kunniin fudhatama hin qabani. Macaafa kakuu haara keessatti, macaafa gara warra Efreesoonotti caafame keessatti, Qulqulluun Paawuloos akka abbaan manaa haadha manaa isaa akkaataa Yesuus mana qulqullummaa jaallateetti akkasumas lubbuu isaa isheef kennetti jaallachuu akka qabu dubbata. Jaalala abbaan manaa haadha manaa isaatiif qabu yeroo fudhadhuutii yaadi. Namichi haadha manaa isaa eeguu fi gargaaruuf fedhii qabu kun maal jedhe?

---

---

---

## Barannoo 1- Kutaa 6

Mee amma Macaafa Ruutiin haa ilaallu::

1. Macaafa Ruut 2: 7,10,13,23 irra deebiin dubbisaa. Waa'ee Ruut ilaachisee amaloota akkamii hubattani?
  - a. Lakk 7 \_\_\_\_\_
  - b. Lakk 10 \_\_\_\_\_
  - c. Lakk 13 \_\_\_\_\_
  - d. Lakk 23 \_\_\_\_\_
2. Macaafa kakuu haaraa keessatti, caaffata Peexiroos isa duraa irratti, qulqulluun peexiroos akka haati manaa bareedina keessa ishee isa hin jijiiramne abbaa manaa isheetiif kennuu qabdu, bareedina isa gaarummaa ishee agarsiisus abbaa manaa isheetiif kennuu qabdu ni dubbata. Ergaa Paawuloos qulqulluun gara warra Tiitootti erge keessatti; Paawuloos qulqulluun akka dubartoonni gaarummaa, kabajaa fi jaalala abbaa manaa isaaniitti agarsiisaniif barsiisa. Amalootni kun akkamitti Jireenya Ruut keessatti mul'atu?

---

---

3. Amma, yeroo fudhadhaatii jaalala haati manaa abbaa manaa isheetiif qabdu yaadaa. Dubartiin kabajaa fi jaalala abbaa manaa isheetiif qabdu kun maal raawwattee akkasumas maal jettee?

---

---

4. Jaalalli Boo'aaz Ruutiif qabu, jaalalli Ruut immoo Boo'aaziif qabdu, jaalalli isaan walii isaaniif qaban akkamitti calaqqisiifame?

---

---

---

## Kadhancaa:

Wanta irra jirtanirra dhaabadhaatii hariiroo isin saala faallaa maatii keessa jiranii fi hiriyoota keessan keessa jiran waliin qabdan ilaalaa. Akka gooftaan amala jaalalaa inni namootaaf qabu isiniif kennuuf kadhadhaa. Garaa garummaa inni dhiiraa fi dubartii gidduutti

# Fedha waaqayyoo, karaa keebya

---

uumeejisisa galateeffadhaa, akkasumas garaa garummaan kun akka eebaatti akka namootaan fudhatamuuf isa kadhadhaa.

---

---

---

## Barannoo 2- Kutaa 1

### Hojii manaa:

Seenaan jaalalaa Ruutii fi Bo'aaz Macaafa Ruut boqonnaa 3 keessatti itti ni fufa. Yeroo boqonnaa kan dubbiftanitti wantoota armaan gadii hubadhaa:

- Gorsa Naa'oomiin Ruutiif kennite
- Deebii Bo'aaz gochaa Ruutiif kenne
- Arjummaa Bo'aaz

### Gilgaala:

1. Naa'oomiin Ruutiif maal raawwachuu feetee? (Lakk 1)

---

Waa'ee bultoo ilaachisee Macaafa Ruut 1-9 keessatti maal barannaa?

---

Maaltu dubartii abbaa manaan ishee irraa du'ee fi qarmii bu'attu kana akka bultoo dhaabbattuuf ishee dandeessise? (Macaafa Ruut 3:1)

---

2. Gorsa Naa'oomiin Ruutiif kennite maal ture? (Lakk. 3-4)
- 

---

Ruut gorsa Naa'oomii raawwachuu walii ni galte. (Lakk. 5)

---

3. Bo'aaz akkamittii fi eessatti Ruutiin akka tasaa argee? (Lakk 7-9)
- 

---

Ruut ani eenyu jetteen? Waa'ee eenyummaa Boo'aaz immoo maal jettee? (Lakk 9)

---

4. Bo'aaz waa'ee Ruut maal jedhee? (Lakk 10)
-

## Fedha waaqayyoo, karaa keebya

---

- 
5. Bo'aaz Ruutiif maal waadaa seene? (Lakk 11-13)

---

  6. Akka isheen maal hojjettuuf ishee ajaje?

---

  7. Utuu lafti hin bari'in akkasumas, eenyuyyuu hin dammaqin miilla isaa jalaa ni kaate. Inni xumura irratti maal godheef? (Lakk 15)  
Ammas, Boo'aaz gaarummaa isaa midhaan inni Naa'oomii fi Ruutiif kenneen ni mirkaneesse.
  8. Naa'oomiin wanta uumame dhaga'uuf ni feeti turte, Ruutis itti himuuf qophooftuu turte. Gorsii Naa'oomii inni xumuraa maal ture? (Lakk 18 keessatti)
- 

Ruut gara namicha aantii fi barcuma qajeelchaa kanatti dhufuuf fedhii ishee agarsiifteetti. Isheen abboomamuu ishee amaatii isheetti mul'isteetti, akkasumas seera Waaqa Naa'oomiin itti amantuukabajjeetti. Amma wanti hundinuu harka Bo'aazirra jira. Naa'oomiin waa'ee Boo'aaz maal jettee?

---

## Barannoo 2- kutaa 2

### Raawwii:

Macaafa Ruut boqonnaa sadaffaa keessatti, amaloota dhiiraa fi dubartiin hariiroo isaanii keessatti qabaachuu qaban ni argina. Inni jalqabaa, Macaafa Ruut 3:11 keessatti barreeffamee jira. Ruut hojjetoota Bo'aaz biratti beekkamti akkamii qabdii? Waa'ee ishee isaan maal beekuu?

---

Macaafi Fakkeenyaa waa'ee dubartii amala gaarii qabduu ni dubbaata. Waa'ee dubartii kanaa, macaafota armaan olitti caqafaman waliin wal madaaluudhaan maal irraa barannaa?

1. Maaltu Macaafa fakkeenyaa 12:4 waliin wal fakkaataa?

---

2. Maaltu Macaafa fakkeenyaa 14:1 waliin wal fakkaataa?

---

Akkasumas, bultoon akkamitti ijaarama akka Macaafa Fakkeenyaa 24:3 irratti?

---

3. Macaafa Fakkeenyaa 31:10-12 irratti, abbaan manaa haadha manaa mana ishee qabachuu dandeessu qabu

---

---

\_\_\_\_\_tu itti hir'ata.

Dubartiin isin yaada keessanitti mana ishee qabachuu ni dandeessi jettanii yaaddan jirtii? Maaltu akka hawwattu ishee taasise, jettanii yaadduu?

---

Isheen maal dubbatte, kun immoo akka isheen dubartii mana ishee qabachuu dandeessu taatetti isin amansiiseeraa?

---

## Fedha waaqayyoo, karaa keebya

---

Utuu dubartii taatanii, Amaloota dubartiin mana ishee qabachuu dandeessu qabdu keessaa kanneen akkamii horattu? Jireenyi keessan amala akkamii akka qabaatu feetu?

---

Namni kan biroon akka isaan hariiroo keessa seenan godhe Boo'aaz ture. Inni aantii fi barcuma qajeelchaa ture. Lakkooftsa 11 fi 12 irratti, Bo'aaz barcuma qajeelchaa jedhamee waamamuu isaa ni galateeffatee, Ruutiinis dubartii mana ishee qabachuu dandeessu ta'u isheetti ni jaje. Inni akkana jedhe, hiriyyootaa fi saba inni keessa jiraatu keessatti, wanta gaariin beekamuun ishee gaaffii hin qabu. Odeeffannoona haarawaa Bo'aaz Ruutiif kenne maal turee? Lakk. 12 irratti

---

Namichi kun hariiroo isaan gidduu jiru namootatti beeksisuudhaan, carraa ishee oolchuu argachuu ni qaba. Yoo inni Ruutiin oolchuu ni barbaada ta'e iyyuu, akkasumas hiyyummaa fi jibba sababii abbaan manaa ishee irraa du'eefi keessummaa taateef irra ga'u irraas yoo oolchuu barbaade iyyuu, kun wanta gaarii haa ta'u iyyuu malee, Bo'aaz aantii fi barcuma qajeelchaa isa baay'ee dhi'oo waan hin taaneef, yoo barcuma qajeelchaa fi aantiin inni jalqabaa dirqama isaa raawwachuu dadhabe, maal Ruutiif raawwachuuf waadaa seenee?

---

Ammas isheef eegumsa gochuudhaaf, Bo'aaz maal raawwachuu fedhe? Lakk.13 irratti

---

Fuuldurri Ruutii fi Naa'oomii duraan abdii kutannaa ture. Jireenyi isaanitti ni jabaataa ture. Isaan lameen ni tuffatamani. Namni isaaniif dhimmamu hin turre, isaan jirenya hiyyummaa akka jiraataniif itti murteeffameera. Seerri Yihuudotaa dubartoota abbaan manaa isaanii irraa du'an kanaaf aantii fi barcuma qajeelchaa kenneeraaf. Naa'oomiin ilma kan biraatii hin qabdu, kanaafuu nami Ruutiin fuudhu hin turre. Ruut Naa'oomii gargaaruuf filattee biyya ishee dhiiftee ishee waliin ni adeemte. Isheen biyya Mo'abiin alatti biyya kamiifuu keessummaa turte, haa ta'u malee, Waaqayyo amanamummaa isheen Naa'omiitti agarsiifteen ni eebbiseen.

Naa'oomiin Boo'aaz aantii fi barcuma qajeelchaa ta'uun isaaati ni gammadde. Naa'omiin Ruutiin akka bo'aaz itti gaafatamummaa aantii fi barcuma qajeelchaa fudhachuu fedhu akka bartuuf ishee ni jajjabeessite (Macaafa Ruut 3:1-2). Namichi fira dhiyoo ta'uun baatu iyyuu itti gaafatamummaa aantii fi barcuma qajeelchaa ni fudhate. Firri dhi'oo akka ishee fuudhuuf hin dirqisiifamne. Osoo inni ishee hin fuune ta'ee, Firootni dhi'oo kan biroon carraa kana ni argatu turani. Aadaa Yihuudotaa keessatti dhaalli gara ilma kan biraatti ni darba. Yoo aantii fi barcuma qajeelchaan ishee hin fuudhu ta'e, isheen qofaatti hafti.

Kiristiyanaaf, aantii fi barcuma qajeelchaaan Yesuusi. Inni nu fayyiseera, akkasumas jirenya hafuuraan hiyyeessa ta'uun fi du'a irraas lubbuu isaa dabarsee nuuf kennuudhaan nu oolcheera. Inni nu fayyisuu isaaatiin, nuti qabeenyaa Waaqayyoo taaneerra. Nuti gatiidhaan bitamne (Qoronxoos 1ffa 7:20). Akkuma aantii fi barcuma qajeelchaa keenyaatti, aarsaa ta'e dhiyaachuu isaaatiin nuti qabeenyaa Waaqayyoo ta'uun

dandeenyeyerra. Jireenyi keenya amma gammachuu fi abdii akkasumas nagaa fi abdii jirenya bara baraatiiin guuteera.

## Yaadachuu:

Macaafa Peexiroos isa duraa 1:18-19 tti jiru baafadhaa. Keeyyaticha hubannoodhaan dubbisaa. Of ilaala, dhiira yookiin dubartii taatanis, abdii kutannoo, hiyyummaa fi gadadoo keessa jirtu yoo ta'yyuu, isin Yesuusiin fayyitaniittu. Inni aantii fi barcuma qajeelchaa keessani. Inni dhiiga isatiin jirenya keessan isa duwwaa fi cubbuu isin raawwachaa turtaan keessaa isin fayyiseera. Inni aarsaa ta'uun isaa akka nuti isa waliin gammachuun jiraannu nu godhe. Misiraachoo fayyina keessaniitti gammadaa. Dugda waraqaa yaadannoo isa xiqqaa irratti, Yesuus Kiristoos fayyisaa keessan waan ta'eef barreeffama galataa barreessaa.

## Barannoo 2- Kutaa 3

### Hojii manaa:

Yeroos, Boo'aaz yeroo hin balleessine. Inni akka tasaa aantii fi barcuma qajeelchaa ta'uudhaafi. Yeroo boqonnaa kana dubbiftan, akkaataa itti Boo'aaz ishee waliin hariiroo uume ni hubattu. Macaafa Ruut 4:1-12 dubbisuudhaan yaadannoo tuqaawwan armaan gadii irratti qabadhaa::

- Fala Boo'aaz
- Mudannoon kun eessatti uumame?
- Ragaalee taateewwan kana hunda argan

### Gilgaala:

1. Kutaan seenaa kanaa eessatti raawwatame? (Lakk.1)

---

Karri dallaa sun lafa namootni itti wal ga'anii fi itti mari'atani dha. Bakki kun karaa itti keessummoontii fi do'attoonni seenanii fi ba'an ture.

2. Boo'aaz namicha aantii fi barcuma qajeelchaa jedhame kanatti maal dubbate?
- 

3. Boo'aaz akka isaanitti makatuuf eenyuun affeeree? (Lakk.2)
- 

Maaliif haasaa kanatti isaaniin dabale jettee yaaddaa?

---

4. Bo'aaz maal irratti walii galtee uumuu barbaadee? (Lakk 3-4)

## Fedha waaqayyoo, karaa keebya

---

5. Bo'aaz haala akkamiiitiin wanticha dubbate?

---

6. Deebiin namtichaa maal ture? (Lakk 4 irratti)

---

7. Bo'aaz namichaaf odeeaffannoo dabalataa maalii kenneef? (Lakk 5)

---

8. Yeroo kanatti namichi maal deebiseef? (Lakk 6)

---

Namichi inni aantii fi barcuma qajeelchaan kun laficha oolchuu hin feene.

9. Lakkoofsi 7, wanta lakkoofsa 8 irratti raawwatuuf hubannoo nuuf ni kenna. Lafa kana olfachuuun maaliif barbaachisee?

---

Kana booda lakk. 8 irratti maaltu uumame?

10. Lakk. 9 irratti maaliif Boo'aaz maanguddootni akka argaman taasisee, maaliif bakka hawaasaa sanas filate?

---

11. Isaan maal hubatani? Lakk. 9 fi 10 irratti

---

Hariiroon qabeenyaa argachuu fi booda irrattis dubartii fuudhuu kun Boo'aaziif guutummaa guutuutti haaraa ture. Namichi kophee isaa miilla tokkoo ofittii baasee Bo'aaziif kennuudhaan ragoolii (maanguddoowan) fuulduratti akka walii galteen kun godhamu ni taasise.

Waraqaan kamiyyuu hin mallatteeffamne, dookumeentiin seerawaa ta'es hin barbaachifne.

12. Bo'aaz qabeenyaa fi haadha manaa ragoolii kanneen fuulduratti ni fudhate. Boodas ragooliin affeerman kun bo'aaziin wantoota sadiin ni eebbisani.

Waa'ee Ruut ilaalcisee \_\_\_\_\_

Hubadhu: Ebbi inni lakk. 11 irratti godhame kadhannaakka Ruut ijoollee godhattuuf taasifame dha. Liyaa fi Raaheel, akkuma isin yaadattan haadha manoolii yaa'iqoob turani. Liyaan rakkoo ijoollee godhachuu hin qabdu turte, haaluma kanaan ilmaan Yaa'iqoob 12 'n keessaa lama irraan kan hafe kan ishee turani. Raaheel immoo kara biraatiin, rakkoo ijoollee godhachuu ni qabdi turte. Utuu Yooseefiin hin da'in, yeroo dheeraadhaaf dhabduu taatee jiraatteetti. Yeroo isheen Biimiyaaamiin deessu ni duute. Haa ta'u malee, Isaan waliin ta'anii bultoo Israa'eel yookiin Yaa'iqoobiin ni dhaabani.

Boo'aaziin ilaalcisee \_\_\_\_\_

Hubadhu: Lakkoofsi kun Eefraataa waliin wal bira qabama. Macaafa Ruut 1:2 irratti Naa'oomiin akka isheen sanyii Eefraataa keessaa taatee fi magaalaa yihuudaa Beeteliyeem

# Fedha waaqayyoo, karaa keebya

---

jedhamtu keessa akka jiraachaa turte ni ibsa. Kaartaa lafa sanyiwwan israa'eel 12'nii agarsiisu irra, Beeteliyeemiin barbaadaa.

Ijoollota ilaachisee \_\_\_\_\_

Hubadhu: lakkofsi 12 waa'ee yihuudaa, Tamaarii fi Peereeziin ni dubbata. Seenaan kun Seera uumamaa boqonnaa 38 irratti barreeffame. Taamaar ni ulfoofte Peerez immoo ijoollee lakkkuu isheen yihuudaa irraa godhatte keessaa isa tokko. Hiddi maatii kun kan Peereezi.

## Barannoo 2 -kutaa 4

### Hojii manaa:

Macaafa Ruut 4:13-22 tti jiru dubisaa xumuraa. Eebba Waaqayyo gaa'ilä Bo'aazii fi Ruutiif kenne yaadadhaa. Karaa isaanii Naa'oomiinis ni eebbifamte. Kanneen armaan gaditti caqafaman yaadadhu:

- Dubbii dubartiin Beeteliyeem dubbatte
- Hariiroo Naa'oomii fi mucichaa
- Hidda maatii Peerez keessatti amalli isin hubattan
- Ga'ee Ruut seenaa Israa'eelotaa keessatti taphatte.

### Gilgaala:

1. Bo'aaz erga Ruutiin fuudhee booda, Ruut ni ulfoofte, ilmas ni godhatte. Dubbii hiriyootni Naa'oomii fi dubartiin Beeteeliyeem dubbatan akkamitti hubattu?

---

2. Wanti isaan jalqaba irratti dubbatan maal ture? Lakk 14 irratti

---

Bo'aaz itti gaafatamummaa aantummaa fi barcuma qajeelchaa fudhachuun isaa Jirenyaa fuulduraa Naa'oomii fi Ruut irratti hiika maalii qaba?

---

Isaan nama nyaataa fi mana jirenyaa isaaniif kenu qofa miti kan isaan argatan, garuu Naa'oomiin dabalataaanis, akkoo ni taate. Maqaan abbaa manaa Naa'oomii karaa bo'aaz maal taasifame?

---

3. Dubartittiin mucicha maal jetteeti eebbifte?

a. (Xumura lakk 14 irratti) \_\_\_\_\_

## Fedha waaqayyoo, karaa keebya

---

b. (Jalqaba lakk 14 irratti)

---

---

4. Ruut waan eebbifamteef, Naa'oomii fi isheen ni gammadani (Lakk 15). Waa'ee Ruut isaan maal jedhanii?  
\_\_\_\_\_
5. Naa'oomiin mucicha fuudhuun jilba isheerra keessee ni kunuunsiti turte. Isheen akkoo ta'uus isheetti baay'ee gammaddeetti, hiriyootni ishees ni dinqisiifatani. Ammas jilbi ishee ni guute. Isheen mucaa mucaa jaallattu ni argatte. Maqaan mucaa kanaa eenyu ture?  
\_\_\_\_\_

Enyu akka ilma isaa itti aansuudhaan ta'e nutti  
himameera \_\_\_\_\_

Akkasumas enyu akka mucaa mucaa isaa ta'es \_\_\_\_\_  
Ruut akaakilee Mooticha Daawwit ni taate.

### Ibsa:

- Namni Naa'oomii gargaaru yoo dhibee ture iyyuu akkamitti akka haalli jirenyaa ishee jijiirame ilaala. Boqonnaa 1 irratti, Isheen nama jirenyi itti hadhaa'e turte kanaafis maqaa ishee maaraa ni jette. Amma, boqonnaa 4 irratti, namootaan akka isheen dubartii ilmaan torba qabdu caalaa eebbifamteetti fudhatamteetti. Wantootaa fi namoota akka jirenyi ishee eebbifamu taasisan muraasa keessa deebi'uun ilaala:  
\_\_\_\_\_
- Boqonnaa 1 irratti Ruut Biyya ishee dhiisuudhaan amaati ishee gargaaru fi eegumsa gochuuf waliin ni adeemte. Amanamummaan ishee gara lafa haaraa, saba haaraa, aadaa haaraa fi waaqa haaraatti ishee ni fide. Waaqayyo utuumma isaan rakkinaa fi gadadoo keessa jiranii, akka isheen gara Beeteliyeemitti Naa'oomii waliin dhufan ni barbaade. Wantootaa fi namoota akka jirenyi ishee eebbifamu taasisan muraasa ilaala:  
\_\_\_\_\_
- Boo'aaz nama gaarii ture. Inni waadaa isaa ni eege. Inni itti gaafatamummaa aantummaa fi barcuma qajeelchummaa fudhachuuf hin sodaanne. Inni akka Naa'oomii fi Ruut barcuma qajeelchaa malee hin hafne ni barbaada ture. Wantoota inni akka jirenyi dubartoota lameenii eebbifamuuf godhee fi dubbate keessa deebi'uun ilaala:  
\_\_\_\_\_

## Barannoo 2- kutaa 5

### Raawwii:

- Namootni nuti seenaa kana keessatti arginu kunniin akka nuti namoota kan biroof, keessumaayyuu dubartoota abbaan manaa isaanii irraa du'eef ilaalcha gaarii hin qabaanne nu gochuu ni danda'u. Biyyoota tokko tokko keessatti mootummaan namoota rakkoo keessa jiraniif gargaarsa ni dhiyeessa. Gaaffiin armaan gadii ni gaafatama: utuu hiriyoontnii fi maatiwwan hawaasa keessa jiran, itti gaafatamummaadhaan namoota maatii hin qabne, rakkatoo kanneen ta'an, kanneen mana hin qabnee fi kanneen beela'an gargaaraniiitii, dhaabbileen gargaarsaa armaan olitti caqafaman kunniin ni barbaachisu jettanii ni yaadduu? Namoota rakkoo akkamii keessa jiran gargaaruu feetu? Miseensota maatii keessaa warren akkamiitu gargaaramuu qaba jettanii amantu? Dabtara yaadannoo keessan irratti yaada keessan ka'aa.
  - Boqonnaa 4 irratti eeba maanguddootni Bo'aaziif kennan dubbifneerra (Lakk 11-12), akkasumas eeba dubartittiin Naa'oomiidhaan eebbfites dubbifneerra (Lakk 14-15). Eebbi maanguddolii kanaa akka eeba gaa'ilaa ture, akkasumas eebbi dubartittii akka eeba yeroo mucaan dhalatuu ture. Ofii keessan akka isin misirroowwan eebbfiftaniitti fudhadhaa ilaala, Maal jettanii misirroowwan kana eebbfiftuu?
  - Amma immoo ofii keessan akka maatii reefuu mucaa argate eebbfiftaniitti fudhadhaa. Maal jettanii maatii kanaa fi mucaa dhalate kana eebbfiftuu?
- 
- 

### Ibsa:

Jilbi, bakka itti mucaaf jaalala fi soorata qaamaa itti kennani dha. Yeroo mucaa jilba keessan irra keessan, mucaan kun kan keessan ta'uu agarsiisa. Macaafa Ruut 4:16 irratti, "Ergasii Naa'oomiin mucicha fuutee, baattee in guddifte" jedha. Nuti jilba keenya jaalala ibsuuf akkamitti fudhanna? Maatii, eessuma ykn adaadaa, akaakayyuu ykn akaakilee taataniyuu, mee muuxannoo mucaa gara jilba keessaniitti fiduu qabaadhaa. Inni iddoor itti seenaan mucaadhaaf dubbatamu, akkasumas dubbifamu dha. Jilbi bakka itti mucaan sooram dha, bakka itti mucaan sagalee Waaqayyoo, seenaan macaafa qulqulluu, dhugaan macaafa qulqulluu itti barsiifamu dha. Jilbi bakka itti mucaan jaalala gooftaa itti barsiisani dha, bakka itti mucaan sirreffamu dha. Mee yoo

## Fedha waaqayyoo, karaa keebya

---

isin jilba nama biraa irra teessanii beektu ta'e yaadadhaa. Maal yaadattu? Miira akkamiitu gara sammuu keessaniitti dhufa. Yaadannoo fi miirri keessan gaarii dhaa?

---

---

---

Jilba eenyuurra taa'uu barbaaddu, akka inni isin kunuunsuuf? Namoonni baayyeen jilba irra ta'an dhabuun ni boo'u. Seenaawwanii fi muuxannoowwan dubbataman maalfaa ta'uu danda u? Jechoonni nama jajjabeessanii fi gochaawan gaarummaa agarsiisan maalfaa ta'uu danda uu?

---

---

---

### Kadhannaa:

Yaa Waaqayyo Gooftaa, yaa Abbaa waan hundumaa dandeessuu, sababii Yesuus anaan gara Keetti fideef, Ati na kunuunsita, gara jilba Keettis na fiddeetta. Ati anaan akka mucaa keetti fudhachuun mirga mucummaa anaaf kenniteetta. Ani gara kee nan dhufa , atis yeroo hundumaa ana ni simatta. Kanaafuu ani galata siif nan galcha. Namoota naannoo kootii jilba koo irra taa'uu barbaadan akkan arguuf, bakka itti jaalalli kee agarsiifamu akkan arguuf akkasumas bakka dhugaan kee itti dubbatamu akkan arguuf ija koo naaf bani.Akkuma ati anaan harka kee bal'istee ana simattu, anis Akkan namoota kan biro harka koo ballisee simadhuuf ayyaana kee naaf bay'isi.

---

---

---

## Barannoo 3- Kutaa 1

### Seensa:

Saamu'eel abbootii firdii keessaa isa dhuma ture. Seenaan isaa Macaafa Saamu eel isa duraa irratti caafameeti jira. Boqonnaan jalqabaa maqaawwanii fi iddoowwan haaraa ta'aniin eegala. Kaartaa Macaafa qulqulluu keessanirra jiru keessaa, lafa sanyiwwan Israa'eel gara garaatiin qabatame baasaa. Kaartaa kana gargaaramaatii bakkeewwan kanatti mallattoo godhaa,

1. Biyya Eefreem kan biyyoota akka Yihuudaa, Daanii fi Biiniyaamirraa kallattii kaabaatti argamu,

2. Gaarawwan Eefreem Biyya Eefreemirraa dhihatti kan argamu.

3. Shiirooh biyya Beeteel irraa kaaba bahaatti kan argamu,

Kan nuti wal bira qabnu, biyya Raamaataa yookiin Raamaa waliini. Biyyi kunis, biyya Shiirooh irraa gara kibbaatti maayilii 15-18 fagaattee argamti. Erga kaartaa irratti bakkeewwan kan mallatoeffattanii booda, biyyoota kan hubachuun isinitti ni salphata.

Kanatti fufees, maqaawan muraasi kennamaniiru. Maqaawan kunniin hidda dhaloota Saamu'eel ibsu. Akka sanyiin isaa \_\_\_\_\_ ta'e nutti himameera. (Bakki kun qu annaa keenya keessatti Raamaa jedhameeti beekama). Hiddi maatii isaa Zufaayitoota jedhamu. Isaanis biyyi isaanii gaarawwan Eefreem ture.

- Abbaan Elqaanaa \_\_\_\_\_ ture.
- Akaakayyuun isaa \_\_\_\_\_ ture.
- Akaakileen isaa \_\_\_\_\_ ture.
- Abaabayyuun isaa \_\_\_\_\_ ture.

Akka Elqaanaan haadha manoolii lama qabu baranneerra: \_\_\_\_\_  
fi \_\_\_\_\_ turani.

Waa'ee haadha manoolii kanaa maaltu nutti himame?

---

Maqaawan kanneen yaadachuun keenya hagas mara barbaachisaa miti, haa ta'u malee saba Israa'eeliif hidda maatii qorachuun akka aadaa isaaniitti ni fudhatama. Nuti, yeroo ammaa, addunyaa irra jiraannu kana irratti, namoonni teessoo fi magaalaatti, toora iintarneetii, teessoo iimeeyilii, lakkofsa tajaajila hawaasummaa fi lakkofsa akkaawuntiitti fayyadamaa jiru. Odeeffannoowwan kunniin akka namootni biroon salphaatti waa'ee keenya baruu danda'anii fi akka namoonni teessoo keenya haala salphaadhaan argataniif karaa saaqa. Haaluma wal fakkaatuun, Saba Israa'eel keessatti waa'ee hidda dhalootaa qorachuun, beekamtii namni tokko saba sana keessatti qabu baruuf gargaara.

## Gilgaala:

Odeeffannoo laccoofsa 1 fi 2 irraatii arganneen mee gilgaala armaan gadii haa hojjennu.  
Barannoo kana keessatti, waa'ee amala Saamu'eel ni baranna. Wantoota laccoofsota lamaan kana  
irraa dubbifneen, waa'ee Saamu'eel ilaachisee maal hubanna, utuumma inni hin dhalatin dura  
iyuu?

Inni.....  
.....

- a. Ilmi E \_\_\_\_\_ -
- b. Sanyii E irraa \_\_\_\_\_ -
- c. Z n \_\_\_\_\_
- d. Inni R keessa in jiraata \_\_\_\_\_
- e. Abaabileen isaa Z dha \_\_\_\_\_

## Hojii Manaa:

Macaafa Saamu'eel isa duraa 1:3-20 irra deebi'uun dubbisaa. Maqaawwan isiniif haarawaa  
ta'an hedduu ni argitu. Maqaawwan kana yaadannoo keessan irratti barreessaatii dubbisaa.  
Waa'ee maqaawwan kanaa boodarratti ni baranna. Yeroo dubbiftan tuqaawwan armaan gadii  
hubachuu qabdu.

- Wanta Elqaanaan Waggoottan tokkoon tokkoon keessatti raawwate
- Jireenyi mana Elqaanaa maal fakkaata ture
- Waadaan Haannaa maal ture
- Arrabsoo fi eebba Eelii
- Ulfaa'uu fi ilma godhachuu Haannaa

## Barannoo 3- kutaa 2

### Gilgaala:

1. Elqaanaan maaliif wagga waggaadhaan deemsa Raamaatii gara Shiloohitti godha?

---

Shiilooh bakka handhuura amantii Israa'elotaa turte. Bakki aarsaa achi jira ture, kanaafuu namootni Israa'el wagga waggaatti Waaqayyoon waaqeffachuufi aarsaa dhiyeessuuf gara Shiloohitti ni adeemu turani.

2. Lakkofsa 3 irratti Namoota haaraa sadii agarra.

Abbaan \_\_\_\_\_ dha

Ilmaan isaa lamaan \_\_\_\_\_ fi \_\_\_\_\_ dha.

Eeliin akka hangafa lubootaatti mana qulqullummaa keessa tajaajila turte, akkasumas ilmaan isaa lamaanis akka lubaatti Waaqayyoon tajaajila turani.

3. Waa'ee Phiniinaa maal beekna? Lakk 4 irratti

---

4. Waa'ee Haannaa maal hubanna? Lakk 5 irratti

---

5. Waa'ee hariiroo Haannaa fi Phiniinaa maal hubanna? Lakk 6 irratti

---

6. Deebiin Haannaan tuttuqqii Phiniinaaf kennaa turte maal ture?

---

7. Eelqaanaan Haannaaf akkamitti deebisee?

---

Gaaffiwan , "Maaliif" sadan inni gaafate maal turte? Lakk. 8 irratti

➤ Maaliif \_\_\_\_\_ ?

➤ Maaliif \_\_\_\_\_ ?

➤ Maaliif \_\_\_\_\_ ?

Xumura irratti inni maal gaafatee ture? \_\_\_\_\_

Waa'ee seenaa dubartoota biroo, Saaraa jedhamtuu, kan haadha manaa Abrahaam taatee fi Raaheel jidhamtuu, kan haadha manaa Yaa'iqoob taatee, sababii dhabduu ta'aniif abbaa manoolii

## Fedha waaqayyoo, karaa keebya

---

isaaniitti akka salphina fidan barnoota duraanii keessatti yaadachuu ni dandeessu. Haannaanis akkuma kana dhabduu waan taateef namoota fuulduratti fudhatama hin qabdu tурте. Haaluma kanaanis utuu abbaan manaa ishee hiikuunii ni barbaada ta'ee, hiikuu ni danda'a турте.

8.Haannaan Shiilooh keessa турте. Nyaatni nyaatameera. Isheen mana qulqullummaa keessatti bakka Eeliin ta'aa турте dhaabattee jirti. Isheen mararamtee fi boo'ichaan Waaqayyoon kadhachaa турте. Isheen hamma nyaachuu dadhabdutti boo'aa турте. Waaqayyoonis kadhachaa турте. Waadaan isheen lakkofsa 11 keessatti seente maal турте?

- a. Yoo ati \_\_\_\_\_
- b. yoo \_\_\_\_\_ baatte
- c. Animmoor\_\_\_\_\_
- d. \_\_\_\_\_ nis irra hin ga u.

9.Haannaan Waaqayyoon irraanfatamuu hin barbaanne. Isheen yaadatamuu ni barbaadde. Isheen kennaa ilmaa barbaadde. Kana boodas, akka ilmi ishee bara isaa guutuu Isa tajaajiluufii nama Naazireetiin ta'u Waaqayyoof waadaa ni seente. Abbootii firdii keessaa namni Naazireet inni kan biraan eenyu турте? Macaafa abbootii firdii 13:7 dubbisaa.

---

Ilmi ishee nama Naazireet ta'a jechuun maal jechuu dha? Lakk. 6:2 dubbisi

---

---

10.Eeliin maal arge, maal jedhee amane? lakk 12-14

---

---

11.Haannaan haala dogoggoraatiin hubatamte. Isheen lakkofsa 15 fi 16 irratti maal garaa isheetti dudubbatte?

---

---

12.Eeliin nagaa fi eebba Waaqayyoo kan wanta isheen gaafatte hunda guutuufii danda'u ni Kenneef. Jijjiirama akkamiitu uumame? Lakk 18 irratti

---

---

13.lakkofsi 19 fi 20 laphee keenya gammachuudhaan guutu. Haannaan ni ulfoofte. Maqaan mucichaa eenyu?

---

Hiikni maqaa isaa maali?

## Baranoo 3 - kutaa 3

### Seensa:

Haannaan mucaa argachuuf yeroo dheeraa itti fudhate. Dhumarratti isheen ni ulfoofte, ilmas ni deesse, maqaa isaas Saamu'eel jettee ni moggaafte. Mee waa'ee gammachuu ishee yaadaa, gaddi ishee badeera. Isheen kana booda dhabduu miti. Macaafa Saamu'eel isa duraa 1:19 irratti; Waaqayyo ishee in yaadate jedha. Waaqayyo Haannaadhaan irraanfatee ture moo? Jechi **ni yaadate** jedhu kun hima kana keessatti Waaqayyo tarkaanfii fudhate jechuu dha. Inni kadhannaas isheen ilma argachuuf kadhatte irratti hundaa'un tarkaanfii ni fudhate. Akka namoota kaanii, maaliif Waaqayyo kadhannaas namoota tookko tokkoo dhaga'ee kan namoota kaanii immoo hin dhaga'uu jennee hin gaafannu. Wanti nuti beeknu Waaqayyo Haannaas yaadachuu isaati.

Turtii yeroo dheeraa booda, akkasumas qoccollaa fi tuttuqqaa masaanuu ishee phiniinaa danda'uudhaan, Haannaan gammachuu argachuu dandeesseetti. Haaluma kanaan, Haannaan waadaa isheen mucicha deebiftee akka inni mana Waaqayyo tajaajiluuf seente hin irraanfatne.

### Hojii manaa:

Macaafa Saamu eel isa duraa 21:28 dubbisaa

- Akkamitti Haannaan akka Saamu'eel bara jirenya isaa guutuu Waaqayyoon tajaajiluuf wareegde yaadaa
- Yeroo Haannaan mucicha dhiiftee deebitu miira isheetti dhaga'ame yaadaa
- Yeroo Haannaan mucicha irraa adda baatetti maal Eeliitti dubbatte?

### Gilgaala:

1. Yeroo itti Elqaanaan wagga waggaatti gara Shiloohitti deemee aarsaa dhiyeessu ni ga'e. Maatiin hundi Haannaas fi Saamu eel irraa kan hafe ni adeeman. Haannaan hafuu filatte. Isheen Elqaanaatti maal himtee?
- 

2. Deebiin Elqaanaa laccoofsa 23 irratti maal turee?
- 

Dabalataanis, Wanta isheen gaarii dha jettee yaadde akka raawwattuuf inni isheetti ni dubbate, akkasumas fedhi Waaqayyo akka raawwatuuf ni kadhate.

**Ibsa:**

Haannaan, kanaafuu ilma ishee waliin manatti ni hafte. Haannaan yeroo harma hoosisuudhaaf manatti hafte sanatti maal akka yaadaa turte hubadhaa. Hangam yaadannoowwan kanneen armaan gaditti eeraman kana laphee ishee keessatti qabachuu feete iyuu (Yaadannoowwan kunniinis bo'ichaa fi kolfa ilma ishee, guddina qaama isaa, yeroo inni daa'imuu itti eegaluu, deemuu fi fiigu, jechoota isaa jalqabaa yeroo dubbachuu itti eegaluu turani,) yeroon itti adda ba'an ni ga'e.

Yaadannoowwan jirenya keessatti keessatti iddo addaa qaban akkamitti eeggachuu barbaaddu?

---

---

Haannaan suuraawwan kaasuudhaanii fi CD irratti keewwachuu hiriyootaa fi maatii isheetti agarsiisuu hin dandeessu. Yaadannoowwan kunneen laphee fi sammuu ishee keessa qofa taa'u.

**Gilgaala:**

1. Dhumarrattis yeroon sun ni ga'e, innis harma ni gu'e, yeroon sun immoo yeroo itti namoonni gara Shilohitti adeemuun aarsaa fi galata dhiyeessan ture. Saamu'el waliin isheen maal fuuteeti adeemtee?

- 
- Wantootni kunniin Waaqayyoof aarsaa dhiyeessuuf gara mana qulqullummaatti kan fidamani dha. Waadaan Haannaa raawwataamuufi.
2. Umuriin Saamu'el meeqa akka ta e yooma hin beeknu ta'e iyuu, Umuriin murta'aan itti ijoolleen harma gu'an wagga 3 dha. Lakkofsi 24 akka inni umuriidhaan xiqqa ta'e ibsa. Shakkii malee, isin ijollee wagga sadii fi wagga afurii waliin yeroo dabarsitanii ni beektu. Mee amala ijollee umurii kanaa ibsaa.
- 

- Mee maatiwwan ijollee wagga 3 ykn 4 qaban ilaala, Gammachuu akkamii akka isaan qabaatan ibsaa.
- 

3. Isaan sangaa ni qalani, akkasumas mucicha gara Eeliitti ni geessani. Haannaan isaan maal jettee?
- 
-

Haannaan akka Saamu'eeliin Waaqayyoof kennitu waadaa seentee turt, amma yeroo itti wanta itti kennname deebiftee kennitu dha. Lakkofsi 28 irratti," Isheenis achitti Waaqayyoof in sagadde" ni jedha. Dhumarrattis, Haannaa, Elqaanaa fi maatiin guutummaan gara Raamaatti deebi'an, haa ta'u malee Saamu'eel Waaqayyoon bara jireenyasaa guutummaatti akka tajaajiluuf godoo Qulqullummaa keessatti dhiifame.

## Barannoo 3 -Kutaa 4

### Yaadachuu:

Saamu'eeliin ala gara Raamaatti deebi'uu yaaduun ni cima. Maatiin kun maal yaadeetii? Macaafa Saamu'eel isa duraa boqonnaa 2 irraa hubannoo wanta uumamuuf turee faarfannaa Haannaa irraa ni hubanna. Yeroo fudhachuudhaan lakkofsa 1 dubbisaa. Haannaan akkana jette:

n koo \_\_\_\_\_  
irratti \_\_\_\_\_  
Yeroo gara manaatti deebi'anitti garaan ishee ni gadde. Akkuma beekamu, gatii mucaa ishee malee deebiteef baay'ee gaddite. Yeroo namni nama kan biroottii adda ba'u gadduun amala namaati. Garuu, Haannaan Saamu'eeliin godoo qulqullummaa keessatti dhiiftee deemuudhaan amantii isheen Waaqayyo irratti qabdu ni agarsifte. " Garaan koo yeroo hunda Waaqayyotti ni gammada" jette.

Macaafi Anbaaqoom Macaafota gaggabaaboo xumura kakuu moofaa keessatti argaman keessaa is tokko. Macaafa Anbaaqoom 3:17-18 irrattiakkana jedha; wanta feenee turre yoo argachuun dhabne iyyuu nuti ni gammanna. Gammchuun keenya haalota irratti hin hundaa'u. Garuu, gammachuun hariiroo nuti Waaqayyo waliin uumneen kan argamu dha. Yeroo nuti Waaqayyoon beekuudhaan hariiroo Isa waliin uumnu, nuti haalota nu marsanii jiran hundumaa irratti yeroo hundumaa gammachuun ni qabaanna jechuu miti, Garuu Isa waan hundumaa keenya ta'e Yesuusiin baruu keenya qofaadhaaf gammachuun daangaa hin qabne ni arganna.

Lakkofsota kana lamaan yeroo fudhadhaatii waraqaan yaadannoo keessan isa xiqqaa irratti barreessuudhaan yaadadhaa. Lakkofsotni kunniin waa'ee muka harbuu, muka wayinii, muka ejersaa, maasii midhaanii, hoolota gorantoo keessaa fi saawwan dallaa keessaa ni dubbatu. Mee jirenya keessan ilaala. Waa'een muka ejersaa isin hin galchu ta'a, garuu Isin namoota kiristiyaana ta'anitti maxxanuuf ni barbaaddu ta'a, Waa'een muka wayinii isin hin galchu ni ta'a, garuu fayyaa fi hojii argachuun ni feetu ta'a. Ammas, waa'een saawwan dallaa keessaa isin hi galchu ta'a, garuu ulfaa'u fi muca godhachuu ni feetu ta'a. Jirenya keessan keessatti wanti isin baayyee itti dhimmamtan maalii? Utuu haalonni kunniin isiiniif hin guutin "Ani

## Fedha waaqayyoo, karaa keebya

---

ammas Waaqayyotti nan gammada, gara fuulduraattis Waaqayyo fayyisaa kootti nan gammada." Jechuu ni dandeessuu?

### Kadhancaa:

Yaa Waaqayyo lubbuun koo Sitti ni gammaddi. Ati gammachuu jirenya kootiiti. Ati osoo haalotni gara garaa ana marsanii jiranii gammachuu anaaf kenniteetta. Nama an i jaalladhu waanan dhabeef gaddeera nan ta'a, garuu lubbuun koo sitti ni gammaddi. Ani qofummaa koo waliin wallaansoo nan qaba ni ta'a, garuu lubbuun koo sitti ni gammaddi. Ani hojii dhabeera nan ta'a, garuu lubbuun koo sitti ni gammaddi. Sababii ati jaalala guddaa anaaf qabduuf gammachuun koo isa dhugaa dha. Eenyummaa koo fi wanta ani raawwachaa ture irratti osoo hin hundaa'in Ati na jaallatteetta, na fudhatteettas. Hariiroon keenya karaa ilma keetii Yusuus Kiristoos Isa fayyisaatiin jabaateera. Yaa Waaqayyo galatoomi, akka Haannaatti ani har'a akka Ati ana yaadattuu fi na gargaartuuf sin kadhadha. Ana hi Irranfatiin. Har'a waa'ee armaan gadii ilaachisee akka ati na yaadattuuf sin kadhadha.

---

---

## Barannoo 3- kutaa 5

### Seensa:

Barannoonaan kun ilmaan Eelii, Angafa lubootaa kan ta'ee fi Saamu'eel , ilma Haannaa fi Eelqaanaa kan ta'e wal bira ni qaba. Gochaan oobboloota lameenii fi gochaan Saamu'eel waa'ee amaloota tokkoon tokkoon isaanii akka nuti hubannuuf nu gargaaru. Umurii itti Saamu'eel mana qulqullummaa keessatii dhiifame yoo beekuu dadhabne iyuu, akka inni umuriidhaan xiqqaa ta'e ni hubanna.Yeroo ijoollummaa isaatti, gargaarsaa fi duukaa ilaaluu maatii isaatiin alatti, akka mucaa Waaqayyootti akka inni guddate ni baranna.

### Hojii manaa:

Macaafa Saamu'eel isa duraa 2:12-21 dubbisi. Yaadannoo tuqaawwan armaan gadii irratti ka'aman ilaachisuudhaan qabadhu:

- Gochaa ilmaan Eelii foon aarsaadhaaf dhiyaatu irratti raawwachaa turan.
- Hojii Saamu'eel akka mucaatti mana qulqullummaa keessatti hojjechaa ture
- Eebba Eeliin Eelqaanaa fii Haannaadhaaf taasise
- Guddinaa fi bilchina Saamu'eel

### Gilgaala:

Mee **dhugaawwan** seenaa kanaa haa ilaallu

1. Wanti jalqabaa waa'ee ilmaan Eelii ilaachisee hubannu maalii? (Lakk 12)

---

2. Lakkoofsota 13 fi 14 irratti, yeroo sabni Israa'eel gara godoo mana qulqullummaa Shilooh jirutti adeemanii aarsaa Waaqayyoof dhiyeessanitti ga'een fi tartiibi hojii lubootaa maal akka ta'e hubanneerra.
- a. Foon akkamitti qopha'a?\_\_\_\_\_
  - b. Hojjettooni lubichaa maal hojjetu?\_\_\_\_\_
  - c. Eenyutu foonicha huuroo yookiin okkottee irraa fudhate?\_\_\_\_\_

## Barsiisa:

Osoo gochaawwan ilmaan Eelii badaa ta'uu isaa hin hubatin dura, aarsaa lubootni saba gidduutti Waaqayyoof dhiyeessan irratti yaadni Waaqayyoo maal akka ta'e hubachuu qabna. Filoon mataa sadii qabaachuudhaan naaasii irraa hojjetame sun foon aarsaa ittiin qabuuf gargaara. Seera Leewwotaa 3:3-5 irratti moorri bineensicha aarsaa godhamuu qaama bineensichaa keessaa isa filatamaa ture jedha. Lakkofsa 5 irratti, "Ilmaan Aaroon akka qalma ana Waaqayyoof ibiddaan gubamee, fooliin isaa garaa ciibsuu godhanii, qoraan iddo aarsaa irratti qalma gubuuf boba'u sana irratti haa guban" ni jedha. Macaafa Saamu'eel isa duraa 2:15 irratti Hojjettooni lubichaa gara namicha aarsaa dhiyeessuu dhufuudhaan lubichi

\_\_\_\_\_ akka barbaade itti ni himu.

Hojjettooni kunis \_\_\_\_\_ hin fudhatani.

Inni \_\_\_\_\_ qofa barbaade.

Ilmaan Eelii lamaan, Hoofnii fi Fiinehaas yeroo abbaan isaanii akka hangafa lubootaatti tajaajilaa turetti luboota turani. Hoofnii fi Fiinehaas hojjettoota gara namoota aarsaa dhiyeessaniitti erguudhaan akka lubni foon dheedhii barbaadu itti ni himsiisu turani. Foon dheedhiin kun moora isa aarsaadhaaf barbaachisu of irratti ni qabaata, isaanis mooruma kana barbaadani. Akka seeraatti, Moorri kun akka fooliin isaa tolutti ta'ee gubamuudhaan Waaqayyoof akka aarsaatti ni dhiyaata. (Seera Leewwotaa 3:3-5)

## Gilgaala:

1. Hoofnii fi Fiinehaas akka lubni foon barbaadutti qofa miti kan isaan hojjettoota lubaatti ergan, garuu hojjettooni kun akka namichi aarsaa dhiyeessu kun maal hin raawwanne fedhanii?

\_\_\_\_\_ inni akka namtichi aarsaa dhiyeessu kun ariitiidhaan foon itti kennu barbaade, Lakk.16 irratti; ta'uu baannaan

2. Lakkofsi 17 waa'ee cubbuu isaanii ilaalchisee maal dubbata?

3. Maaltu cubbuu isaanii Fuuldura Waaqayyootti guddaa taasise?

## Fedha waaqayyoo, karaa keebya

4. Sagalee fi abboommii Waaqayyoo tuffachuudhaan fedhii mataa isaanii raawwachuu filatani, karaa mataa isaaniirra deemuuf fedhani. Lakkofsota kanneen dubbisuudhaan jecha tuffii jedhu kan ibsu barbaadi.

Riifaransii	jechoota yookiin gaaleewwan jecha tuffii jedhuuf hiika ta'uu danda an
1 Saamu'eel 2:29	
Seera ba'uu 23:21	
Seera Lakkoofsotaa 14:11	
Seera Lakkoofsotaa 15: 31	
Eermi'aas 7: 21-26	
???????????????	

5. Macaafa Saamu'eel isa duraa 2:22 gocha biro obboloonni kun Waaqayyoon tuffachuuudhaan raawwatan agarra. Kana irraa Maal hubannaas?

6. Lakkooftsi 18 jecha murteessa "Garuu" jedhuun eegala. Garuu boodarratti, Saamu'eelitu ture. Wanta Saamu'eel hojjechaa ture lakkooftsi kun nutti ni himaa?

7. Lakkoofsa kana irratti waa'ee uffanna isaa ilaachisee maal hubanna?

Diratni Seera ba'uu 28:6-14 irratti ibsameeti jira. Uffatni kun kan lubootni uffatani dha. Toorri Iintarneetii armaan gadii kun akka isin dirata irratti hubannoo argattaniif isin gargaaruu ni danda a.

<http://www.domini.org/tabern/highprst.htm> fi <http://www.keyway.ca/jpg/priest.jpg>

8. Uffata dirataa keewwachuu mucaa kanaa akka inni luba ta'uuf leenjii irra jiru mul'isa.

Haannaan wagga waggaadhaan yemmuu gara Shiiloohitti adeemtu, uffata ba'eessaa fi miidhagaa irratti ka'atamu mucichaaf hojjettee fuutee ni adeemti turte. Wagga waggaadhaan Ishee fi Elqaanaan mucicha arguu ni barbaadu turani.

9. Eebbi Eeliin jedhee maatii kana eebbise maal ture?

Waaqayyo Haannatti gaarummaa isaa itti ni agarsiise. Sana boodas, isheen ilmaan \_\_\_\_\_ fi intaloota \_\_\_\_\_ ni deesse.

10. Lakkoofsi 21 waa'ee Saamu'eel ilaalchisee maal dubbataa?

## Barannoo 4- Kutaa 1

### Ibsa:

Yeroo fudhadhuutii jirenya ijoollee sadanii wal madaalsisi:

- Hoofnii fi Fiinehaas guutummaa guutuutti amala Saamu'eel irraa adda ta'e qabu turani. Akka lakkoofsa 15-17 irratti barraa'ee jirutti, jirenya isaanii keessatti maaliif xiyyeffannoo kenu turanii? Seera Waaqayyo lubootni akka kabajaniif kaa'e cabsuudhaan ni saamu turani. Isaan aarsaa namootaa irraa ni fudhatu turani. Namicha aarsaa dhiyeessuuf dhufe irraas fudhataniiru. Kennaa namoonni fidan irraas ni fudhatu. Kana jechuunis, Waaqayyo irraa fudhatani jechuu dha. Isaanis wanta fudhatan kanneen dhimma dhuunfaa isaniitiif oolfatani. Isaan Waaqayyoof tuffii qaban agarsiisani.
- Amalli Saamu'eel akka lakkoofsa 18-21 irratti caafamee jirutti, guutummaa guutuutti adda ni ture. Lakkoofsa kana keessatti akka hubannuti, Saamu'eel Waaqayyoof kennamuu isaa, akkasumas fuula Waaqayyoo duras akka inni tajaajilaa ture ni hubanna. Fedhiin Saamu'eel kan Waaqayyoo ture. Jirenyi isaa hariiroo inni Waaqayyo waliin uume irratti hundaa'e. Inni jirenyi isaa akka kan mataasaa ta'etti miti kan inni jiraachaa ture, garuu inni fedha Waaqayyoo raawwachuudhaan isa tajaajilaa ture. Hubadhu: Inni nama Naazireet ture, nama Waaqayyoof adda baafame jechuu dha. Haaluma kanaan, Saamu'eel umurii ijoollummaa isaa mana qulqullummaa keessatti Waaqayyoon tajaajilaa ture. Akka jirenyi isaa kan Waaqayyoo ta'e ni beeka ture. Inni argamuu Waaqayyoo keessatti jiraachaa ture. Inni eenyuuf akka sagaduu fi eenyummaa isaa sirriitti ni beeka ture. Waaqayyos isatti baayyee gammade, isas ni eebbise.

### Raawwii:

- Yeroo fudhadhuutii jirenya mataa keetii ilaali. Akkuma nuti jirenya Saamu'eel ilaalletti atis jirenya mataa keetii ilaali.
- Inni Waaqayyoof kenname. Akka jirenyi kee kan Waaqayyoo ta'e ni amantaa? Namoota tokko tokkoof kun yeroo isaan cuuphaman raawwata. Cuuphaa jechuun yeroo namni cubbuu isaatiif dhiifamni godhamuufiidhaan, gara maatii Waaqayyootti dabalamu jechuu dha. Kun hundi ni danda'ama, sababni isaas Yesuus akka mootii keenyaatti gara keenya

## Fedha waaqayyoo, karaa keebya

---

waan dhufefi, cubbuu fi diina keenya waan mo'ateef, akkasumas nuun nu qulleessee Waaqayyo fuula duratti fudhatama akka argannu waan nu godheefi. Yoo namni kamyuu Maqaa Abbaa, Maqaa Ilmaa fi Maqaa Hafuura qulqullutiin cuubame, Waaqayyoon ni simatama. Cuphaa irratti Waaqayyoo to'annoo jirenya keenya irratti ni qabaata, akkasumas akka nuti kan isaa taane ni labsa. Waaqayyo jirenya keessan to'ateeraa? Yeroo Waaqayyoo akka armaan gadiitti barreffamee jirutti isinitti dubbatutti, akka isin amantaniif hafuurri Isaa isin haa dandeessisu.

---

Maqaa keessan \_\_\_\_\_, Ani si fayyiseera, Ani maqaa kanaan si waameera.ati kan kooti. Macaafa Raajicha Isaayyaas 43:2

- Saamu'eel Waaqayyoon tajaajilaa ture. Kana Macaafa Saamu'eel isa duraa 2:11 irratti ni baranna. Inni jirenya hiika qabu jiraachaa ture, Sababni isaas eenyuun akka tajaajilaa ture waan beekuufi. Utuma ilmaan Eelii wanta fedhan hojjetaniiyuu, Saamu'eel Waaqayyoof hojjechaa ture.
  - Yeroo baayyee nuti hiika jirenyaa nuti guyyaa guyyaatti jiraannu hin beeknu. Akka jirenyi keenya bu'aa fi gatii hin qabneetti hubanna. Nuti fedhiin keenya ija namoota biro duratti guddaa taanee mul'achuu dha moo namoonni biroon guddaa ta'anii akka mul'ataniif hojjechuu dhaa? Tajaajilamuu moo tajaajiluu barbaanna? Namoota muraasa qofaan yoo beekamtii argate iyyuu, Saamu'eel tajaajila inni Waaqayyoof kennaa ture gammachuun itti ni fufe. Isin tajaajilaa fi hojii keessan akkamitti madaaltu?
- 

Yeroo isin namoota biroof hojettan, Waaqayyoon tajaajiltan jechuu dha. Egaa, yeroo kana isinitti maaltu dhaga'ama?

---

- Hoofnii fi Fiinehaas Waaqayyoon ni tuffatani. Akka inni jirenya isaanii keessatti qooda qabu hin hubanne, akka inni barbaaduttis isaan hin jiraanne. Saamu'eel immoo karaa biraatiin, Waaqayyoon ni beeka ture, akkasumas jirenya inni Isa waliin qabuttis ni gammada ture.  
Akka Waaqayyo isa hin irraanfannee fi isa hin ganne waan beekeef, inni hariroo isa waliin uumuudhaan jiraachaa ture. Kutaa jirenyaa keessan isa kam keessatti gammachuunakkanaa argattani?
- 

Waaqayyo jaalala isaa Saamu'eeliif ni kenne. Saamu'eel wanta Waaqayyo fedhe fiixaan ni baase. Waaqayyo akka Saamu'eel kan mataa isaa ta'etti fudhate. Ayyaannii fi jaalalli Waaqayyoo isaaaf ni kenname. Jaalalli kun isa jaalala nuuf kenname waliin wal fakkaata. Jaalalli Waaqayyoo kan nuti akka dirqamaatti isa irraa argannu osoo hin taane, kan Inni fedhii isaatiin nuuf kennu dha.

**Kadhannaa:** Yaa Goftaa har'a, yeroon jirenya koo ilaalu,

- \_\_\_\_\_ fi
- \_\_\_\_\_ f si
- \_\_\_\_\_ galateeffachuu nan fedha.

Waa'ee namoota jirenya koo keessatti iddo qabani si galateeffachuu nan fedha

- \_\_\_\_\_ fi
- \_\_\_\_\_ fi



Yaa Yesuus Gooftaa, akka ani jirenya koo guutummaatti siin tajaajiluuf na dandeessi. Yeroo ani wanta ati anaaf raawwatte ilaalu, akka ati ana waliin jirtu nan hubadha.....

---

---

## Barannoo 4- Kutaa 2

### Seensa:

Akka malaan maltummaan luboota gidduutti faca'e ni beekna. Fiinehaas, Hoofnii fi abbaan isaanii Eeliin luboota Waaqayyoo turani. Macaafa Saamu'eel isa duraa 2 irratti; ilmaan Eelii lamaan aarsaa Waaqayyoof dhiyaatu akka isaan ija tuffiin ilaala turan ni dubbata. Kana qofa osoo hin ta'in, Eeliin akka isaan dubartoota balbala godoo qulqullummaa keessa tajaajilan waliin ejjan ni beeka. Haa ta'u malee, Hoofnii fi Fiinehaas dheekkamsaa fi aarii abbaa isaaniitiif dhimma hin godhanne. Macaafa Saamu'eel isa duraa 2:25

Boodas, boqonna 2 irratti Eeliinis akka inni aarsaa fi kennaa Waaqayyoof dhiyaatu salphise ni hubanna. Eeliin Macaafa Saamu'eel isa duraa 2:29 irratti gaaffii ni gaafatame, Atii fi ilmaan kee garuu aarsaadhaa fi kennaa sabni koo godoo koo keessatti akka anaaf dhi'eessaniif abboommadhe maaliif salphiftan? Ilmaan kee kennaa sabni koo anaaf dhi'eessan keessaa isa hundumaa caaluun foon isaanii akka gabbifataniif maaliif calliftee isaaniin ilaaltee? Maaliifis ana tuffathee? Eeliinis cubbuu kana keessatti qooda ni fudhata ture. Innis kennaa Waaqayyoof dhufe irraa bakka filatamaa nyaachuudhaan tuffii isaa ni mul'isa ture. Seera Leewwotaa 3: 16-17 irratti; Moorri hundinuu kan koo waan ta eef, akka aarsaa midhaanii isa ibiddaan gubamee fooliin isaa garaa ciibsutti lubichi iddo aarsaa irratti gubee haa aarsu jedha, kanaafuu lubni moora nyaachuun isaa hin eyyamamuuf.

### Hojii manaa:

Macaafa Saamu'eel isa duraa 3:1-4:1. Wantoota armaan gadiitti caqafaman hubadhu

- Deebii Saamu'eel waamicha Waaqayyootiif deebise.
- Qajeelfama Eelii fi Deebii Saamu'eel
- Ergaa Waaqayyo Saamu'eeliif qabu
- Saamu'eel waa'ee wanta hundumaa Eeliitti ni hime
- Hariiroo Waaqayyoo fi Saamu'eel.

# Fedha waaqayyoo, karaa keebya

---

## Gilgaala:

1. Halkan tokko, Saamu'eel godoo qulqullummaa keessatti bakka ciisicha isaa ciiseeti jira.  
Halkan kana maaltu uumame? Macaafa Saamu'eel isa duraa 3: 4-6 irratti

---

2. Waaqayyo si'a lama waameen, innis gara Eelii deemuun ana waamtanii jedhee gaafate.  
Sadaffaa irratti maaltu uumame? Eeliin eenyu ta'uu bare? Lakk 8 irratti

---

3. Qajeelfamni Eeliin Saamu'eeliif kenne maal ture? Lakk 9 irratti

---

4. Lakkoofsa 9 irratti; akka Saamu'eel deemee bakka isaa ciise nutti dubbata, kanarraa ka'uun inni halkan miaawaa hin taane waan dabarse nutti fakkaachuu ni danda'a.  
Lakkoofsi 10 immoo wanta haaraa nutti dubbata, kana irraa ka'uunis inni halkan gaarii akka dabarse tilmaamuu ni dandeenya. Maaltu waamicha Waaqayyoo isa yeroo ammaa adda godha?

---

5. Ammarratti, Saamu'eel akka Eeliin isa gorsetti deebii ni kenne (lakk10). Lakkoofsi 11-14 wanta Waaqayyo Saamu'eelitti dubbatee nutti hima. Waaqayyo maal itti dubbatee?

a. Lakk.11\_\_\_\_\_

b. Lakk 12\_\_\_\_\_

c. Lakk. 13 a.\_\_\_\_\_

b.\_\_\_\_\_

c.\_\_\_\_\_

d. Lakk. 14\_\_\_\_\_

6. Saamu'eel hanga bari'utti siree irraa hin kaane. Umuriin Saamu'eel hammam akka ta'e waan beeknu hin qabnu, garuu lakkoofsa 1 irratti akka inni mucaa ta'e dubbata. Dargaggeessa ta'us ni danda'a. Nuti waan nuuf mikaneessu hi qabnu. Haa ta'u malee inni hariiroo Waaqayyo waliin ni qaba ture. Waaqayyo isatti ni fayyadama ture. Inni jechoota dheekkamsaa Eelii fi ilmaan isaa irratti dubbatee ture. Amma garuu, waa'ee mul'ata isaa Eeliitti himuu ni sodaate (Lakk 15). Akka inni dogoggora hojjeteetti ni fudhattuu? Yeroo Eeliin isa waamu dhaga'uudhaan jechoota wal fakkaataa halkan sana fayyadameen ni deebiseef.
- 

- Eeliin maal gaafate?\_\_\_\_\_
- Eeliin maal barbaade?\_\_\_\_\_
- Yaaddoon Eelii maal ture?\_\_\_\_\_

7.Saamu'eel wanta hundaa itti ni hime. Lakk.18 irratti, Deebiin Eelii maal ture?

8.Macaafa Saamu'eel isa duraa 3:19-4:1 Akkaataa guddina Saamu'eel nutti hima.

a. Lakk 19:\_\_\_\_\_

b. Lakk 20:\_\_\_\_\_

Yeroo fudhachuudhaan kaartaa qoqqooddi daangaa sanyiwwan 12'n agarsiisu irratti Daanii fi Beersabee eeri. Daan gara kallattii kaabaatti fagaatee argama, Beersabeen immoo gara kallattii kibbaatti fagaatee argama.

c.Lakk 21:\_\_\_\_\_

d.Macaafa Saamu'eel isa duraa irratti\_\_\_\_\_

Saamu'eel Sagalee Waaqayyoo ni kabaje. Raajii Waaqayyoo ta'ees ni fudhatame, Waaqayyos Shilohitti karaa Saamu'eel saba Israa'eelitti dubbachuu itti ni fufe.

## Barannoo 4 -Kutaa 3

### Ibsa:

1. Waa'ee seenaa kanaa barattaniittu. Mee waa'ee wantoota armaan gadiitti caqafamanii maal beektu?\_\_\_\_\_

➤ Waa'ee Saamu'eel yeroo inni umuriidhaan xiqqaa turee?\_\_\_\_\_

➤ Waa'ee Eelii?\_\_\_\_\_

➤ Waa'ee wanta Waaqayyo Saamu'eelitti dubbatee?\_\_\_\_\_

2. Himni boqonnaa kana keessatti irra deddeebiin caqafame kami?\_\_\_\_\_

Yeroo himni kun itti fayyadamamu yeroo hundaa jala sarari.

➤ Utuu ati Saamu'eeliin taatee, akka Saamu'eelitti obsaan ni tajaajilta turtee?

➤ Waan aartu sitti fakkaataa? Deebiin kee maal ta'a ture?\_\_\_\_\_

3. Akkuma beekamu dubbachuu fi dhaggeeffachuun wantoota adda addaa ti. Waaqayyo ni dubbate. Saamu'eelis ni dhaggeeffata ture. Saamu'eel akka tajaajilaa Waaqayyoo inni ta'etti of ni ilaala ture, akka inni Waaqayyoof dhaga'uu qabus ni amana ture. Sagaleen Waaqayyoos karaa isaa namootatti ni dubbatame.

➤ Nutis hariiroo nuti Waaqayyo waliin qabnu keessatti carraa Waaqayyotti dubbachuu fi Waaqayyoo irraa dhaga'uu ni qabna. Karaa Sagalee isaa, akkasumas karaa Macaafa qulqulluu Waaqayyo ni dubbata. Nuti tajaajiltoota isaa waan taaneef yeroo sagalee Isaa dubbifannutti Inni nutti ni dubbata. Nuti akka tajaajiltoota isaa taanuuf, sagalee Isaa dhaggeeffachuun nuuf in mala. Hariiroo isin Waaqayyo waliin qabdan mee ilaala. Yeroo tokko tokko, isin yeroo kadhattan Waaqayyo waliin ni dudubbattu. Darbee darbees, yeroo Macaafa Qulqulluu dubbifattan Sagalee Isaa ni dhageessu. Hariiroo Isa waliin qabdan keessatti hammi isin dhaggeeffattanii fi dubbattan wal madaalaa? Akkamitti akkaataan haasaa keessanii hariiroo keessan keessatti guddachuu danda'a?

## Ilaaluu:

Seenaan kun gaaffilee baayyee isin gaafata. Fakkeenyaaf.....

- Macaafa Saamu'eel isa duraa 3:1 irrattiakkana jedha, "baras Waaqayyo takka takka malee namatti hi dubbatu, mul'annis deddeebi'ee hin argamu ture." Kana jechuun maal jechuu dha?
- Umuriin Saamu'eel meeqa ture?
- Lakk. 7 irratti, Saamu'eel amma iyyuu Waaqayyo hin barre jechuun isaa maali?
- Yookiinis immoo Sagaleen Waaqayyoo ammayyuu isaaf hin ifne jechuun isaa maali?
- Lakk. 10 irratti Gootaan ni dhufe, achis ni dhaabate jedha. Inni dhuguma qaamaan dhufee? Saamu'eel dhuguma Waaqayyo argeeraa?
- Xumura boqonnaa kanaa irratti Waaqayyo Shilohitti mul'achuu Isaa ittuma fufe jedha. Inni qaamaan mul'achaa turemoo? Saamu'eelii fi namoonni kan biroon arganiiruu?

Gaaffileen muraasni armaan olitti caqafaman kunniin gaaffilee muraasa isin boqonnaa 3 irratti gaafatamaa turtani dha. Wantootaa fi gaaffilee isiniif hin galle gaafachuu hin sodaatinna. Wantoota hundumaaf deebiin ni jira jechuudhaan hin yaadinaa. Wanti barbaachisaan isin irraa eegamu, akka Hafuurri Waaqayyoo barnoota keessan irratti isin dursu kadhachuu keessan itti fufuu dha. Seenaan kana irratti hubannoo ga'aa argachuudhaan akka Waaqayyo isin jaallatuu fi kan mataa isaa ta'u kessan bartaniif ayyaana isaa akka Inni isiniif baayysiif Waaqayyoon kadhadhaa.

## Waa'ee Waaqayyoo waan nuti barannu:

Yeroo Waaqayyo Saamu'eeliin maqaa isaatiin waamu maal baranna?

---

Yeroo Inni nuun maqaa keenyaan nu waamu hoo?

---

Inni nu waliinis hariiroo cimaa uumuu barbaada. Wangeela Yohaannis 10:3 irratti akkas jedha; Inni hoolota hoolota isaa maqaa maqaan waamee gadi in baasa jedha. Dhiyeenya akkanaa nu waliin uumuu barbaada.

Waaqayyoo namoota Isa dhaggeeffachuu barbaadanitti Sagalee Isaa ni dubbata. Eeliin Waaqayyo irraa Sagalee hi fudhanne. Tuffiin inni Sagalee Waaqayyoof qabu, akka inni

## Fedha waaqayyoo, karaa keebya

---

Waaqaayyoon adabamu taasise. Deebii isin Sagalee Waaqayyo jirenya keessan irratti qabuuf kennitan ilaala. Yeroo nuti hariroo Isa waliin qabnu jabeessinu, akkaataa armaan gadiitti deebii kenninaaf, "Yaa Waaqayyo, garbichi kee si dhaga'aa jira, Ati dubbadhu." Ni jenna.

### Kadhanna:

Yaada isin irratti kadhachuu barbaaddan tarreessaa. Yeroo barannoo kana hubattanitti, wantoota isin Isa waliin hirmaachuu feetan...

1. Yeroo Waaqayyo isiniti dubbatutti, ilaalcha isin Waaqayyoof qabdan:

---

---

2. Yeroo Inni akka isin namoota biroo tajaajiluudhaan Isa tajaajiltaniif isin gaafatutti deebii isin kennitan:

---

---

3. Guddinaa fi bilchina yeroo isin hariroo fi haasaa Isa waliin taasiftan agarsiiftan.

---

---

## Barannoo 4- kutaa 4

### Seensa:

Kutaa barannoo kanaa keessatti fakkii Macaafa Saamu'eel isa duraa boqonnaa 4-7tti jiru ni arganna. Waa'ee seenaa Saamu'eel hamma boqonnaa 7 geenyutti hin agarru. Boqonnaa 4 irratti Hoofnii, Fiinehaasii fi Eeliirra wanta ga'e argina. Boqonnaa 5 irratti immoo warri Filisxeemotaa Saanduqa kakuu booji'uu isaanii baranna. Boqonnaa 6 irratti, deebii warri Filisxeem kennan ni agarra. Saanduqa kakuu Waaqayyoo kana maal goonaa? Boqonnaa 7 irratti gara seenaa Saamu'eelitti ni deebina. Inni sabni Israa'eel akka gaabban taasise, akkasumas warri Filisxeem bara jirenyaa Saamu'eel guutummatti Israa'eeliin weeraruu ni sodaatani.

### Hojii Manaa:

Macaafa Saamu'eel isa duraa 4 dubbisaa. Lakkofsi 1 waa'ee warra Filisxeem, Abeeneezarii fi Afeek dubbata. Warri Filisxeem lafa hanga qarqara galaana Meedetiraaniyaaniitti to'atani. Magaalotni jalqabaa Filisxeem Ashkeloon, Gaaz, Ekroon, Ashdoodii fi Gaazaa turani. Yeroo kaartaa irraatii ilaaltan akka daangaan boyyootttan kanaa biyya Yihuudaattii kallattii Lixaa irratti argaman hubattu. Sabni Israa'eel warra Filisxeemiin akka Waaqayyo barbaadetti laficha (Biyya Kakuu) irraa hin ariine. Kanaafuu, yeroo hundumaa wal waraanu turani. Bakki buufata Filisxeemotaa Afeek jedhamtu Shilohi irraa kallatti lixaatti argamti. akkasumas, Afeekirraa maayilii 10 gara bahaatti fagaatee immoo Abeeneezar bakka warri Israa'eelotaa buufatan agarra. Seenichi bakka kanatti eegale.

### Gigaala:

1. Bu'aan waraana kanaa maal ture? Lakk. 2
-

## Fedha waaqayyoo, karaa keebya

---

2. Warri Israa'eel balleessaa eenyuutiin mo'atamani? Maal gaafatani? Lakk.3
- 

3. Furmaati saba Israa'eel maal ture?
- 

4. Eenyutu murtoo Saanduqa kakuu deebisuudhaaf murteessee?
- 

5. Yeroo Saanduqi kakuu kun gara buufata isaaniitti geeffametti, deebiin warra Israa'eelotaa maal turee?
- 

6. Deebiin warri Filisxeem ilillee warra Israa'eel irratti qaban maal turee? Lakk. 5-8
- 

Warri Filisxeem maal raawwachuuf murteessanii?

---

7. Bu'aan waraanichaa maal turee?
- 

Lubbuu namoota meeqaatu darbee?

---

Saanduqa kakuu irratti maaltu ga'ee?

---

Hoofnii fi Fiinehaasirra maaltu ga'ee?

---

8. Sagalichi Shilohitti dhufe maalii?, keessumattuu gara Eeliitti kan dhufe, Lakk. 17
- 

9. Wanta dhaga'e kanaaf Eeliin akkamitti deebii kennee?
- 

Waa'ee Eelii ilaachisee maal hubanna? Lakk 18 irratti

---

Saanduqi kakuu waan booji'ameef, ulfinni Israa'eel irraa ni fudhatame, Lakk 22

---

### **Keessa deebii:**

Daqiiqaawan muraasa fudhachuudhaan, mee waa'ee Saanduqa kakuu wanta baranne keessa deebi'uun haa ilaallu.

1. Saanduqi kakuu kun maal fakkaata ture? Macaafa Seera bauu 25: 10-22 fi 37:1-9  
ilaala

- a. Boca fi wanta haguugee argamu
- 

- b. Haguuggiin isaa maal ture?
-

## Fedha waaqayyoo, karaa keebya

---

c. Faayidaan haguuggii kanaa maal ture?

---

---

2. Saanduqa kakuu keessa maaltu ka'amee ture? Hibroota 9:4 ilaala

- a. \_\_\_\_\_.
- b. \_\_\_\_\_.
- c. \_\_\_\_\_.

3. Saanduqi kakuu kun eessa ture? Seera ba'uu 26:34 ilaala  
\_\_\_\_\_.

Godoo Qulqulluummaa keessatti Luba isa angafa ta'e qofatu akka bakkicha  
seenuuf eeyyamamaaf. Iddoon kunis,bakka baay'ee qulqullaaa jedhameeti  
beekama.

4. Bara Eelii keessatti, Godoon Qulqullaaa kun eessa turee?

\_\_\_\_\_.  
Macaafi Iyyasuu 18: 1 maal nutti himaa?

\_\_\_\_\_.  
Ammas Shiiloohiin kaartaa irratti eeri. Innis, giddu galeessa Lafa kakuu irratti ni  
argama. Kanaafuu, Israa'eelotni haala salphaa ta'een Kaabaa fi kibbaa imaluun  
aarsaa fi kennaan Waaqayyoof ni dhi'eessu turani.

## Barannoo 4 – kutaa 6

### Hojii manaa:

Macaafa Saamu'eel isa duraa boqonnaa 5 dubbisaa, Boqonnaa kana keessatti akka Saanduqi kakuu fudhatame ni ibsama.

### Gilgaala:

1. Filisxeemonni Sanduqa kakuu boji'atan kana gara eessaatti fuudhanii adeemani? Lakk.1

---

2. Eessa ka'anii? Lakk. 2

---

3. Lakkofsa 3-5 keessatti maaltu uumame?

---

---

4. Waaqni tarkaanfii akkamii fudhate? Lakk. 6-8

---

---

5. Gaaffii inni guddaan maal turee? Lakk 8

---

Furmaatni isaa maal ture?

6. Kanaafuu, isaan Saanduqa Kakuu kana  
gara \_\_\_\_\_ tti geessani  
Gaaz keessatti maaltu uumame?

---

---

7. Itti aansee Saanduqi kakuu kun gara eessaatti fudhatame? Lakk. 10

---

8. Eekroon keessatti maaltu raawwate?

---

**Hojii manaa:**

Kun gara Macaafa Saamu'eel isa duraa boqonnaa 6tti nu geessa. Boqonnaa kana yeroo dubbifnutti Saanduqa kakuu kana warra Israa'eeliif deebisuudhaaf warri Filisxeem murteessuu isaanii ilaalla.

**Gilgaala:**

1. Ji'oota torba booda iyyuu, gaaffiin warra Filisxeem maal turee? Lakk. 2
- 

2. Mariin lubootaa fi warra moortuu waliin taasifame maal ture? Lakk 3-6
- 

3. Qajeelfamni kennname maal ture? Lakk. 7 – 9 irratti, waa'ee marii kanaa ilaachisee wanti haaraan maaltu ture?
- 

Sa'i akka jabbii ishee dhiiftuuf ni malaaree? Lakkoofsa 9 irratti maal murteeffatani?

---

Lakkoofsa 10-12 irratti maal murteessani?

---

4. Saawwan Saanduqa Kakuu kana gara Beeta Saameetti ni geessani. Namoonnis yeroo taabota kana arganitti baay'ee ni gammadani. Saawwan qalanii gubuun aarsaa Waaqaaf ni dhieessani. Xumura boqonnaa 6 irratti akka Saanduqi kun gara Qiriyax Jariimitti geeffame dubbifna, akkasumas gara mana Abinadaaditti akka geeffame dubbata. Ilmi isaa Alaazaaris Saanduqa Kakuu kana akka eeguuf itti gaafatamummaan itti ni kennname.

**Gaaffilee Ibsaa:**

Sabni Waaqayyoo taabota kana ni kunuunsu turani, sababni isaas Saanduqichi akka Waaqayyo isaan waliin ta'e ni mirkaneessaaf. Addunyaa irratti, yeroo ammaa wanti kana waliin wal faakkaatu ni arginaa? Wantoota fuula namootaa duratti cimaa taan raawwachuuf Waaqayyo akka humna nuuf kennuuf ni gaafannaar?

---

---

**Gaaffilee Ibsaa:**

## Fedha waaqayyoo, karaa keebya

---

Saanduqi kun Seera Waaqayyoo isa Abboommii Kurnan jedhamuudhaan beekamu kan Museetti gaara Siinaa gubbaatti itti kennname kan of keessatti qabate dha. Cufaan yookiin balballi Saanduqa kakuu kanaa fakkii Ergamoota Waqayyoo lamaan kan bocame ture, baalleen isaaniis akka dhiifama Waaqayyo Saba Isaaf qabu ni agarsiisu ture. Gaaffileen Macaafa Saamu'eel isa duraa 5:8 fi 6:2 irra jiran kanneen armaan gadii turani: Saanduqa kana maal goonuu? Waaqa Israaelotaa jechuu isaanii dha. Yeroo gaaffii kana gara jirenya keessaniitti fiddan, Jirenya keessan keessatti argamuun Seera Waaqayyoo fi dhiifama Waaqayyoo hiika maalii qaba.

---

---

Seerri Waaqayyoo akka nuti araara Isaa barbaannuuf nu gaafata. Araarri Waaqayyoo jaalala Inni isiniif qabuu fi dhiifama Inni cubbuu isin raawwattanif godhe isin yaadachiisa. Inni hamma Ilma isaa dabarsee nuuf kennutti nu jaallateera. Kanaafuu, waliin akkana haa jenna; Yaa Waaqayyo araaraa fi gaarummaa ati yeroo hundumaa ati nuuf qabduuf galatoomi.

## Barannoo 5 – Kutaa 1

### Hojii manaa:

Boqonnaa 7 irratti gara seenaa Saamu'eelitti ni deebina. Akkuma beekamu, inni umuriidhaan hamma ta'e guddateera, Sagaleen Waaqayyoos karaa isaa gara Saba Israa'eel hundumaatti ni dubbatama ture. Macaafa Saamu'eel isa duraa boqonnaa 7 dubbisi.

### Gilgaala:

1. Waggottan \_\_\_\_\_ tiif  
Saanduqichi \_\_\_\_\_ ture.  
Yeroo wanti kun Saba Israa'eel irratti raawwatetti isin yaada akkamii qabdu? Lakk. 2
- 

Akka isaan boo'aa turan dubbifanneerra. Dubbiawan kun haala haafuuraa sabi Israa'eel baroottan kana keessatti irra turan nutti agarsiisa. Saamu'eel Abbaa Firdii isaanii ture. Yoo amma gara Waaqayyootti deebi'uun barbaadan haal dureewan muraasa armaan gadii guutuu ni qabu. Akka Lakkoofsa 3 irratti eeramee jirutti, isaan maal raawwachuu qabu turani.

a. \_\_\_\_\_.

---

Yaadadhu: Ashtooreets waaqa warra Filisxeem ture, isaan immoo saba kan biraa warra Israaelii wajjin Kana'aan keessa jiraachaa turani dha. Sabni Israa'eelis akkuma saba ormaa Waqaayyo Isa isaaniin dinqii Isaatiin biyya Gibxiitii baasuudhaan gara biyya Kakuutti isaaniin galche dhiisuudhaan, Baalii Fi Ashtooreetsiif ni sagadu turani.

## Fedha waaqayyoo, karaa keebya

---

- b. Kakuun Waaqayyo Saba Israa'eeliif qabu maal turee? Lakk.3
- 
- c. Kanaafuu, Sabni Israa'eel ( Lakk. 4)
- 
2. Lakkoofsa 5-7 irratti Sabni Israa'eel akka gaabban nutti mulisa. Isaan akka Waaqayyo irratti cubbuu hoijetan ni himatani. Kutaan kun waa'ee Saamueel maal nutti dubbata? Inni Waaqayyoo fi namoota gidduutti \_\_\_\_\_ ni godhe.
3. Yeroo Filisxeemonni warri Israa'eel Misphaatti walitti qabamuu isaanii arganitti, Isaaniin weeraruuf yeroo gaarii akka ta'e ni hubatani, weeraruuf ni qopha'ani. Yeroo Sabni Israa'eel kana dhagaanitti maaltu uumame?
- 

Lakkoofsa 9 irratti Saamu'eel maal raawwate?

---

Waaqayyo maal raawwate?

---

Sabni Israa'eel maal raawwatani?

4. Saamu'eel Lakkoofsa 12 irratti maal raawwate?
- 

Dhagicha maal jedhee waame?

---

Maal jechuu dha?

---

5. Bara jirenyaa Saamu'eel kanneen hafan irratti wantoota uumaman gabaabaatti tarreeessi.

a. Warra Filisxeem ilaachisee

---

b. Waa'ee qooda inni akka Abbaa Firdiitti fudhate ilaachisee.

---

c. Hariiroo inni Waaqayyo waliin qabu ilaachisee

---

## Barannoo 5- Kutaa 2

### Seensa:

Seenaawwan Macaafa Saamu'eel keessa jiran bal'aa waan ta'aniif, barannoo kana keessatti xumuruu hin dandeenyu. Kutaawan kanatti aansuudhaan jiran kanneen, barrannoowwan itti aansun jiran keessatti ni xumurra, akkasumas waa'ee Jirenya Sabi Israael mootii jalatti jiraachaa turaniis ni baranna. Boqonnaawwanii fi Lakkofsootni waa'ee bu'aa ba'ii saba Israa'eel ibsan hedduun irra darbamaniiru, garuu isin dubbisuun ni dandeessu.

### Hojii Manaa:

Macaafa Saamu'eel isa duraa 8: 1-22tti jiru dubbisi.

- Maaliif sabi Israa'eel mootii barbaadani?
- Akkamitti Waaqayyo gaaffii saba Israa'eeliif deebii kennee?
- Saamu'eel saba Israa'eelitti waa'ee bu'aa mootii irraa argatanii maal itti dubbatee?
- Sabni Israa'eel akekkachiisa Saamu'eeliif deebii isaan kennan
- Deebiin Waaqayyoo maal ture?

### Gilgaala:

1. Macaafa Saamu'eel isa duraa 8:1-22 irratti waa'ee Saamu'eelii fi ilmaan isaa baranna
  - a. Waa'ee Saamu'eel maal nutti himame?  
\_\_\_\_\_.

- b. Lakkofsootni kunniin waa'ee ilmaan isaa Joo'eelii fi Abiyaa maal jedhu?  
\_\_\_\_\_.

- \_\_\_\_\_.
- \_\_\_\_\_ fi \_\_\_\_\_.

## Fedha waaqayyoo, karaa keebya



2. Maanguddoонни waa'ee mataa isaa fi ilmaan isaa maal jedhanii isatti himani? Lakk. 4 fi 5 irratti.
- a. \_\_\_\_\_.
- b. \_\_\_\_\_.
- c. Isaan maal barbaadanii?
- d. Maaliif mootii barbaadanii?  
\_\_\_\_\_.
3. Yeroo isaan mootii isaan bulchu barbaadanitti deebiin Saamu'eel maal ture? Lakk. 6 irratti \_\_\_\_\_.
4. Innis Waaqayyoon ni kadhate. Lakkoofsa 7 irratti Waaqayyo maal itti dubbate?  
\_\_\_\_\_.
- a. Isaan eenyuun tuffatani?  
\_\_\_\_\_.
- b. Isaan maal Saamu'eel irratti raawwatani? Lakk.8 irratti.  
\_\_\_\_\_.



5. Qajeelfamni Waaqayyo Saamu'eeliif kenne maal ture? Lakk 9 irratti \_\_\_\_\_.
6. Saamu'eel namoota mootii fedhan hundumaatti wanta Waaqi itti dubbate deebisee itti ni hime. Lakkoofsa 11-17tti maal itti hime?  
\_\_\_\_\_.

Riifaransii

Wanta mootiin fudhatu ...

wanta mootiin raawwatu...

Lakk. 11-12		a. b. c. d. e.
Kakk.13		a. b. c.
Lakk. 14	a. b. c.	

## Fedha waaqayyoo, karaa keebya

---

Lakk.15	a. b.	
Lakk. 16	a. b. c. d.	
Lakk. 17	a. b.	

7. Deebiin isaan mootichaaf kennan maal turee? Lakk.18
- 

8. Gadda sabichaa ilaachisee deebiin Waaqayyoo maal ture? Lakk. 18
- 

9. Erga Saamu'eel ibsa isaa xumureetii booda, Lakkoofsa 19 irratti jechi **garuu** jedhu ni jira. Innis maal agarsiisa?
- 

10. Sabni kun itti fufees maal barbaadee?

a. Ammayyuu isaan \_\_\_\_\_ fedhani.

b. Akka \_\_\_\_\_ ta'uu  
barbaadani.

i. Mootii \_\_\_\_\_

ii. Mootii \_\_\_\_\_ fi \_\_\_\_\_  
qabaachuu fedhani.

11. Saamu'eel wanta sabischi jedhe dhaga'uudhaan gara fuula Waaqayyootti ni dhi'aate.

Yemmus, deebiin Waaqayyoo maal turee? Lakkoofsa 22

---



---

## Barannoo 5- Kutaa 3

### Ibsa:

Lakkoofsota boqonnaa 8 irra jiran hubannoona ilaali. Jechoonni muraasi irra deddeebi'amaniiru, jechoonni kanneenis akka nuti irra deebinee xiinxalluu fi barbaachisummaa isaanii hubannu ni barbaadu.

- Jechoota kanneen ilaali; **Tuffachuu fi diduu**, Lakk. 6-9tti. Jechoota kanneenitti dabalataanis jechootaa fi haalawwan diddaa fi tuffii Sabni Israa'el Waaqayyoof qaban agarsiisan tarreessi?
- Macaafa Seera ba'uu 16:1-8  
irratti\_\_\_\_\_.
- Jecha, yoo\_\_\_\_\_tae qofa\_\_\_\_\_, jedhu yeroo akkamii fayyadamtaa? Jechoonni kun jechoota komii fi aarii ibsani dha.  
\_\_\_\_\_.
- Namoonni isinitti gaddanii, yookiin qabamanii ni beekuu? Maaltu akka kun ta'u godhe, Isinitti immoo maaltu dhaga'ame?  
\_\_\_\_\_.
- Seera ba'uu 32:1-6 \_\_\_\_\_.  
\_\_\_\_\_.
- Waan isin Waaqayyo, Isa Waaqaa fi Lafa uumeen irraanfatamtan isinitti fakkaatee yeroon isin itti waqaq kan biraa Waaqeffachuu itti barbaaddan tureeraa?  
\_\_\_\_\_.
- Waaqayyoon maaliinan bakka buusaa

## Fedha waaqayyoo, karaa keebya

---

---

➤ Jechi inni kan biraan Macaafa Saamu'eel isa duraa boqnnaa 8 keessatti irra deddeebi'ame immoo **fudhadhu** kan jedhu ture.

➤ Yeroo jechicha kuticha keessatti argitan jala sararaa.

➤ Garaa garummaa Waaqayyoo fi Mootii gidduu jiru madaalaa:

➤ Dubbi Sagalee Waaqayyoorraa, Waa'ee Isaa maal bartu?

Seera Leewwotaa 26:5-13

---

---

➤ Wanta Saamueel waa'ee hojiiwwan mootii ilaachisee namootatti dubbate keessa deebi'iitii hubadhu:

Macaafa Saamu'eel isa duraa 8:11-17

---

---

➤ Lokkoofsota muraasa keessatti jechoonni kanneen akka Dhaggeeffachuu fi dhaga'uu barraa'aniiru. Akka Saamu'eel wanta sabni Israa'eel gaafatan dhaggeeffatuuf Waaqayyo abboomeera. Sabni Israa'eel Waaqayyoon akka mootiitti fudhachuu yoo dhiisuu barbadaniyyuu, Inni akka Saamu'eel saba kana dhaggeeffatuu fi hubatu barbaade. Saamu'eel saba kana ni dhaga'a, akkasumas akka gochaan isaanii sirrii hin taane ni akeekkachiisa ture. Waaqayyo akka sabni kun mootii isaan mo'uuf jedhu irraa maal fedhan baruu ni barbaade. Lakkoofsa 19 irratti Saamu'eel isaaniin dhaga'uu yooma itti fufe iyyuu, isaan isa dhaga'uu hin feene, mootii barbaaduu isaaniis ittuma fufani. Saamueelis irra deebi'uudhaan waan sabni kun fedhe Waaqayyotti ni hime, Waaqayyosakkana jedhee deebiseef, Wanta jarri sitti himatan dhaga'iif, mootiis isaaniif moosisi, ni jedhe.

➤ Waa'ee wanta sabni kun fedhanii irratti yaada maalii qabdaa?

---

➤ Ati, osoo mootii siif eegumsaafi gargaarsa godhu qabduu mootii kan biraan ni feetaa? Yoo ni feeta ta'e, Maaliif feeta? Yoo miti ta'e immoo, Maaliif hin feetu?

---

➤ Maaltu akka sabni kun mootii ta'uu Waaqayyoo jibbuudhaan akka saba biyyoota ormaa ta'uu isaan barbaachisee? Lakk 20

---

---

Kadhanna:

Yaa Waaqayyo, yeroo baay'ee gaaffii "Maaliif" jedhun of gaafadha. Maaliif sabni sun akka Ati mootii isaanii taatu hin barbaannee? Maaliif akka saba biyyoota ormaa ta'u babaadani? Maaliif mootummaa fi bulchiinsa Kee jalatti buluu hi barbaannee? Wanti Ati raawwatte hundinuu waan Ati isaaniin jaallattuu fi gargaaruu feetuufi dha. Sirna bulchiinsa Saboota ormaatti maaltu isaan hawwatee? Haaluma wal fakkaatuun, waa'ee wanta ani filachuu qabuu, murtoowwan ani murteeffachuu qabuu ilaachisee jirenyaa koo ilaaluutu anaaf mala. Akkan jirenyaa koo irratti murteewwan sirrii dabarsuuf Ati ija kootii fi laphee koo naaf bani. Yaa Waaqayyo Gooftaa Lubbuu koo Ati gammachuudhaan guuti.

## Barannoo 5 – kutaa 4

### Seensa:

Amma nuti nama seenaa Israa'eel keessatti bakka ol'aanaa qabu waliin wal barra. Sabni kun akka saboota kaanii ta'uu waan barbaadaniif, mootii isaan irratti mo'u ni barbaadani. Waaqayyo akka mootii isaanii ta'u hin barbaanne. Kuni wanta haaraa miti. Sabni Israa'eel erga Waaqayyo isaaniin biyya Gibxiitii baasee booda tuffatamaati ture. Waaqayyos kana argeeti akka Saamu'eel mootii isaaniif muuduuf qajeelfama ni kenne. Saamu'eel akeekkachiisa waa'ee mootii isaan irratti mo'uuf jedhuu ilaachisee jaraaf yooma kenneefiyyuu, isaan isa dhaga'uu hin feene.

### Hojii manaa:

Macaafa Saamu'eel isa duraa boqonnaa 9 fi 10 dubbisi. Yoo Macaafi qulqulluu keessan mata duree qabaate, Macaafi Saamu'eel inni duraa boqonnaan 9 fi 10 waaee **Saamu'eeliin dibamuu Saaol** dubbata.

### Gilgaala:

1. Macaafa Saamu'eel isa duraa 9: 1-2 irratti, waa'ee Saa'ol ilaachisee maal barannaa?

\_\_\_\_\_.

2. Lakkofsa 3 fi 4 irratti wanti rakkoo ta'e maali?

\_\_\_\_\_.

3. Yaaddoon Saa'ol maal turee? Lakk.5 irratti

\_\_\_\_\_.

4. Saa'ol maal barbaadee? Lakk. 7-9 irratti

\_\_\_\_\_.

5. Isaan eessa deemuuf qophaa'anii? Lakk.10

## Fedha waaqayyoo, karaa keebya

---

6. Durboonni sun Ilaaltichi eessa jira, jedhanii? Lakk.11-14  
\_\_\_\_\_.
7. Waaqayyo Saamu'eelitti maal mul'isee? Lakk 15-17  
\_\_\_\_\_.
8. Dubbiwwan lamaan lakkoofsota kanneen keessatti waa'ee wanta Saa'ol akka mootii Israa'eeliitti raawwatu maal turee?  
a. \_\_\_\_\_ Lakk 16  
b. \_\_\_\_\_ Lakk 17
9. Saa'ol Ilaalticha kan ta'e Saamu'eeliin yeroo jalqabaaf ni arge. Akkamitti akka inni nama isaaniin barbaadamaa ture ta'e mirkaneessee? Inni Saa'olitti maal dubbatee?  
\_\_\_\_\_.
10. Xumura Lakkoofsa 20 irratti Saamu'eel dubbii namatti tolu dubbatee. Inni maal jedhee?  
\_\_\_\_\_.
- Deebiin Saa'ol Lakkoofsa 21 irratti maal turee?  
\_\_\_\_\_.

## Barannoo 5- kutaa 5

### Barsiisa:

Saamu'eel mootii Israa'eel isa jalqabaa muuduufi. Saa'oliifi hojjetaan isaa gara mana bal'aa keessummoonti keessa jiraniitti ni dhufani. Saamu'eel Saa'oliin barcuma ulfinaa irra ni teessise. Saamu'eel namicha isa ittoo qopheessuun; foon isa ani qofaatti kaa'i siin jedhe sana fidi ni jedheeni. Foonichis foon luka irraa ture; foon isa baay'ee filatamaa jechuu dha. Saamu'eelis akka foon kun isaaf qopheeffame Saa'olitti ni hime. Sirnicha boodas Saamu'eeliifi Saa'ol baakka turan irra gadi ni bu'anii. Saamu'eeliif Saa'ol waliin ni haasa'ani, Saa'olii fi hojjetaan isaaas yeroo bari'etti adeemuuf ni ka'ani. Saamu'eel isaan waliin hamma qarqara magaalichaatti ni adeeme. Innis Saa'oliin akka inni hojjetaa isaa ergee ofii isaa hafuuf ni gaafate. Saamu'eel Saa'olif maal kennuu barbaadee? Lakk. 27 irratti

---

### Gilgaala:

Mootichis dhadhaa ejersaadhaan dibame. Dhadhichis mataa namichaa irratti ni dhangalaafame.

1. Macaafa Saamu'eel isa duraa 10 :1 irratti labsiin Saamu'eel labse maal ture?

- 
2. Lakkoofsa 2-5 irratti, Saamu'eel yeroo Saa'ol adeemutti, wantoota isa mudatan itti ni hime.

Saa'ol eenyuun argee?      Saa'ol eessatti isaan argee?      Maaltu uumamee?

--	--	--

## Fedha waaqayyoo, karaa keebya

---


3. Lakkofsa 6 fi 7 irratti, Saamu'eel maal waadaa seenee?

---

---

---

### Kadhannaa:

Yaa Waaq waan hundumaa dandeessuu, Namoota naannoo nuti jiraannutti aangoorra jiran harka keetti kennina. Akka fedhii fi akeeki Ati lafa keenyaaf qabdu karaa isaanii nuuf raawwatuuf Si kadhanna. Nuti, yeroo baay'ee bulchitoota keenyaaf kadhachuurra, irratti finciluu filanna. Akka nuti jabeenya isaaniif taanuuf Ati nu gargaari. Akka Hafuurri Kee isaanirra qubatuuf si kadhanna.

---

---

---

## Barannoo 6-kutaa 1

### **Barsiisa:**

Macaafa Saamu'eel isa duraa 10:6 irratti, Saamu'eel akka hafuurri Waaqayyoo humnaan isarra buufatu ni dubbata. Dabalataanis, Inni akka Saa'ol raajota waliin raajii dubbatu itti ni hime. Boodarrattis, Saamu'eelakkana jedhe; ati nama adda biraa ni taata, wanta ati raawwachuu feetu irrattis Waaqayyo si waliin ni ta'a. Jedhe. Hafuurri Waaqayyoo akka Saa'ol nama biraa ta'u ni taasise. Waaqayyo jijiirama Saa'ol keessatti ni fide. Lakkoofsa 9 irrattiakkana jedha, Saa'ol yommus Saamu'eel biraa adeemuuf ni ka'e, akkuma inni qajeeleen milikkitoonni jedhaman hundinuus gaafasuma ta'an. Hafuurri Waaqayyoo humnaan gara isaatti ni dhufe.

Osoo Saa'ol akka mootiti hin dibaminiin duratti, eenyumma inni qabu hin beeknu. Wanti nuti beeknu, akka hafuurri Waaqayyoo isa jijiire dha, akkasumas jijiiramni kun namoota birootti mulachuu isaati. Macaafa Saamu'eel isa duraa boqonnaa 10:11 irratti; Warri duraan isa beekan raajota gidduu bu'ee raajii dubbachuu isaa yemmuu arganitti walii isaaniitiin Ilma Qiishitti maaltu dhufee? Saa'olis immoo raajota keessaa tokkoo? Jedhani.

Waaqayyo akka Saa'ol fedhii isaa raawwachiisuuf karaa Saamu'eel akka dibamu taasise. Inni mootii Waaqayyoon dibame ture. Saamu'eel erga Saa'olin dhadhaa ejersaatiin dibee booda, yeroo itti mootii ta'uun isaa beeksifamutu ture. Lakk.17 irratti Saamu'eel wanta raawwatame dubbata; Akka Waaqayyo saba Israa'eeliin gidiraa biyya Gibxiitti irra ga'aa tureefi weerara mootummoota gara garaa irraa isaaniin qollifachaa ture ni yaadachiise. Inni akka isaan Waaqayyoon, Isa diinota isaanii irraa isaan eegaa ture hin barbaanne itti ni hime. Waaqayyo garuu isaaniin hin jibbine. Isaan mootii waan barbaadaniif Waaqayyoon ni tuffatani. Amma mootiin inni Waaqayyoon dibame kun sabatti ni dhi'aata.

### **Gilgaala:**

## Fedha waaqayyoo, karaa keebya

---

Seenichi Macaafa Saamu'eel isa duraa 10-20 irratti itti ni fufa.

1. Gosa kamitu filatame?

2. Qomoo isa kamitu filatame?

3. Dhumarratti, ilmi \_\_\_\_\_ ni filatame. Garuu, rakkoon  
ture maali?  
Saa'ol eessa jiraa?

4. Lakk. 23 irratti mootiin isaanii mi'a gidduu dhokateeti argani. Inni nama  
Waaqayyo filate ture. Yeroo inni namoota gidduu dhaabatetti inni maal fakkaata  
ture?

5. Beeksifni Saamu'eel maal ture? Lakk. 24

6. Deebiin uummataa maal ture?

7. Lakk. 24 irratti Saamu'eel seera ittin bulmaata mootummaa kanaa sabaaf ni ibse.  
Macaafi qulqulluu keessan jecha, **Ittin bulmaata** jedhuuf kiroos Riifaransii ni  
qabaata ni ta'a. Kiroos Riifaransichi gara Macaafa Keessa deebii boqonnaa 17:  
14-20tti nu geessa. Yeroo dubifattan, waa'ee seera ittiin bulmaata mootii ni  
barattu.

a. Lakk 14 irratti, Museen seerota kan wagga baay'ee fuula dura akka  
dubbate ni eera. Inni osoo Sabni Israa'eel gara biyya Kakuutti hin seenin  
dura maal qopheessee?

\_\_\_\_\_.

b. Ulaagaan mootichaa maal turee?

fi \_\_\_\_\_ dha.

c. Akeekkachiifni mootichaaf kenname maal turee, Lakk. 16 irratti?  
Maaliif?

\_\_\_\_\_.

d. Waa'ee haadha manoolii isaa alaalchisee maaltu itti dubbatame? Lakk.  
17 irratti

\_\_\_\_\_.

e. Qabeenyaa ilaachisee maaltu itti dubbatame?

\_\_\_\_\_.

# Fedha waaqayyoo, karaa keebya

- f. Lakkoofsa 18-20 irratti inni akka seerota kan guyyaa hundumaa eeguuf itti ni dubbatame, isaanis kana  
ilaaluudhaan \_\_\_\_\_ fi \_\_\_\_\_  
\_ni baru  
Inni akka waan \_\_\_\_\_ fi \_\_\_\_\_ ta'eetti  
of ilaaluu hin qabu.
- g. Waaqayyo maal kakuu gale?  
\_\_\_\_\_  
\_\_\_\_\_,

## Barannoo 6-kutaa 2

### Hojii manaa:

Macaafi Saamu'eel inni duraa boqonnaa 11-15 waa'ee jirenyaa Saa'ol akka mootiitti jiraachaa ture nutti dubbata. Dabalataanis, yeroo nuti kutaa Macaafa kanaa qo'annutti meeshaaleen dabalataa waan nu irraa barbaadamaniif, kutaa kana keessatti waliin ga'uu hin dandeenyu, haa ta'u malee isin yeroo fudhachuudhaan akka hubannoo qabdan gabbifattaniif Macaafa waa'ee jirenyaa mootii Saa'ol dubbatu kana dubbisaa.

### Barsiisa:

- Boqonnaa 11 irratti waa'ee taatee sabni Saa'oliin akka mootiitti fudhatanii ilaachisee ni dubbata.
- Boqonna 12 irratti Saamu'eel waa'ee akka armaan gadiitti eeraman irratti hundaa'uun waa'ee isaanii itti ni dubbate.
  - Akka armaan gadiitti wantoota jiran isaaniin ni yaadachiise.
    - Waaqayyo boo'icha isaanii dhaga'uun biyya Gibxiittii isaaniin ni baase. Lakk\_\_\_\_\_
    - Isaan Waaqayyoon ni irraanfatani, ni tuffatanis. Lakk\_\_\_\_\_
    - Waaqayyo isaaniif dhiifama godhee diinota isaanii irratti injifannoo gonfachiise. Lakk.\_\_\_\_\_
    - Isaan Waaqayyoon dhiisanii mootii ni barbaadani. Lakk.\_\_\_\_\_
    - Utuu isaan isaaf tajaajilanii, akkasumas isaaf ajajamanii, ni eebbfifamu turani. Lakk.\_\_\_\_\_
    - Utuu isaan ajajamuu didanii, akkasumas irratti fincilanii, Waaqni isaan waliin hin ta'u. Lakk-\_\_\_\_\_

## Fedha waaqayyoo, karaa keebya

---

- Wanta badaa akka raawwachaa turan hubatanii, akka Saamu'eel isaaniif kadhatuuf isa ni gaafatani. Lakk\_\_\_\_\_
  - Inni, isaan wanta fedhe yoo raawwatan iyuu akka fuula isaanii Waaqayyoraa hin naanneffanne ni akeekkachiise. Lakk.\_\_\_\_\_
  - Waaqayyo akka isaan kan Isaa ta'aniif waan filateef isaaniin hin jibbu. Lakk\_\_\_\_\_.
  - Xumura irrattis, wantoota guguddaa Waaqayyo isaaniif raawwataa ture yaadachuudhaan akka isaan amanamummaadhaa fi garaa guutuudhaan Waaqayyoon tajaajilaniif Saamu'eel ni yaadachiise. Lakk\_\_\_\_\_
- Boqonnaa 13 keessatti, akka Saa'ol kennaa gubame dhi'eesse ni baranna, Lakk. 9 irratti. Kun hojii warra lubaa qofa ture. Lakkofsa 13-14 keessatti Saamu'eel maal itti dubbate?
- 

● Boqonnaa 14 irratti, Saa'ol bakka aarsaa Waaqayyoof ni ijaare. Waa'ee Filisxeemotaa ilaalchisees, wanta raawwachuuun irra jiru Waaqayyoon ni gaafate, Lakk 37 irratti. Deebiin Waaqayyoo maal turee?

● Boqonnaa 15 keessatti Waaqayyo akka Saa'oliin tuffate dubbata.  
● Ergaan Saamu'eel Waaqayyo irraa fuudhee Saa'olitti hime maal turee, Lakk.2 irratti

---

● Saa'ol maal raawwachuuuf turee? Lakk.3

---

● Saa'ol dhugumatti maal raawwatee? Lakk. 7-9

---

● Waaqayyo Saamu'eelitti maal dubbate? Lakk 10-11

---

● Waanti kan biraa Saa'ol raawwatee maal turee? Lakk. 12

---

● Erga Saamuee Saa'olitti dheekkameen booda, Saamu'eel maal dubbatee? Lakk. 22-23 irratti

---

## Barannoo 6- kutaa 3

### Ibsa:

Saa'ol ni dheekkamame. Inni akka saba kana tajaajiluuf nama Waaqayyoon filatame fi jaallatame ture.

- Hariiroo Saamu'eelii fi Saba Israa'eel gidduutti maaltu uumame?
- 

Sabni Israa'eel karaa mataa isaaniirra adeemuu barbaadani. Eenyu akka isaaniif mootii ta'uu qabu filachuu barbaadani. Akeekkachiisa Waaqayyo karaa Saamu'eel itti dubbachaa ture dhaga'uu hin feene. Isaan Waaqa Isa hacuuccaa keessaa isaan baasee Biyya Kakuu isaan dhaalchise ni tuffatani. Wanta hunda duubatti irraanfachuudhaan, akka saboota ormaa, mootii mataa isaanii qabaachuu fedhani.

- Hariiroo Saamu'eelii fi Saa'ol gidduutti maaltu uumame?
- 

Akka Waaqayyo Hafuura Isaa Saa'ol irra buuse Saamu'eel ni bare. Akka Waaqayyo laphee Saa'ol diddiires ni hubate. Saamu'eel nama Waaqayyo akka mootii ta'uuf filate gara sabichaatti ni dhi'eesse. Sabichis mootii ta'uusaa ni mirkaneesse. Osooma hin turin Saa'ol badii dalaguu eegale.

Qajeelfamaa fi seera Waaqayyo kaa'e boodatti dhiisuudhaan karaa mataa isaarra deemuu filate.

- Hariiroo Waaqayyoo fi Saa'ol gidduutti maaltu uumame?
- 
-

## Fedha waaqayyoo, karaa keebya

---

Namichi inni lapheen isaa Waaqayyoon diddirame kun Waaqayyoof abboomamuu ni dide. Kanaafuu, Waaqayyo gaaffii Saa'oliif deebii kennuu ni dhiise. Inni ulfina Waaqayyoo ulfina mataa isaatiin bakka ni buuse. Saa'ol Waaqayyoon jalqaba irratti waan tuffateef, Waaqayyos isa ni tuffate.

Gaaffii:

Saamueel Macaafa Saamueel isa duraa 15:22-23 irratti Saa'olitti ni dheekkame. Saa'ol Waaqayyoof sababii inni itti abboomamuu dide Saamu'eeliif ibsuu ni barbaade. Jechoota armaan gadiitiin Saa'ol dhugaa ni ba'e; Ani jara sodaadhee wanta isaan jedhan waanan dhaga'eef, abboommii Waaqayyoo fi gorsa ati anaaf kennite irra daddarbuu kootiif cubbuu hojjedheera. Deebii wal fakkaataa Aaroon Seera bauu 32:21-24 keessatti kenne ni yaadanna; Jarri waaqayyolii nu dura adeeman nuuf tolchi anaan jedhani, anis akka isaan warqee saassaaban itti nan hime, warqichas yeroo ani ibidda keessa buusetti dibicha ta'ees ni ba'e jedhe. Saa'ol hariiroo inni Waaqayyo waliin qabu ni laaffise. Akka Macaafa Saamu'eel isa duraa 15:34-35 irratti caafamee jirutti hariiroo kana irratti maaltu uumamee?

---

---

--

Nutis, akka cubbamne dhugaa ba'uu qabna. Nuti, yeroo baay'ee seerotaa fi abboommiiwwan Waaqayyo nutti kenne ni cabsina. Utuu nuti Waaqayyoof amanamaa taanee, gaaffii fi dhiibbaa namoota kaaniitiin abboommii Waaqayyoo irra ni daddarbinaa?

---

---

Saa'ol akka inni sodaate ni dubbate. Mee sodaa keessan ilaala. Maaliifan dhiibbaa namootaatiin mo'atamaa? Ani maalan Sodaadhaa?

---

---

-

Nuti hundi keenya cubbamneerra. Namni abboommii Waaqayyoo hunda raawwate hin jiru. Nuti seeraa fi abboommii Isaa cabsineerra, kanaafuu adabbiin nuuf in mala, Garuu masiraachoon dhufaa jira.

## Barannoo 6- kutaa 4

### Yaadachuu:

Waaqayyo akka nuti misiraachoo isa karaa Iyyesuus gara keenya dhufe akka barru barbaada. Akka isin boqonna kana guutummaatti yaadattan isinirraa ni eegama. Macaafi Faarsaa 130, Misiraachoo nuuf ni kenna. Yeroo nuti cubbuu hojjenneef gadddinuu fi abdii kutannu, Waaqayyo jirenya fayyinaa fi abdiidhaan guutuu nuuf ni keenna. Cubbuun keenya hangam yoo baay'ate iyyuu, yeroo hundumaa akka Inni nu jaallatu akka nuti hubannu barbaada. Inni jirenya keenya fannifamuu fi du'aa ka'uu Ilma Isaa Isaa Iyyesuus Kiristoosiin biteera. Yoo nuti cubbuudhaan hidhamnee turreyyuu, Inni nu fayyisuu Isaatiin hiikamneerra.

Lakkoofsoti Saddeet Macaafa Faarsaa 130 irratti argaman kunneen jaalala Waaqayyo nuuf qabu nutti agarsiisu. Torban kana keessatti, lakkoofsota kanneen yaadadhaa. Lakkoofsota kana waraqaa yaadannoo isa xiqqaa irratti barreessuudhaan, akka lakkofstotn kunneen isin geggeessan godhaa. Yeroo waa'ee lakkofstota kanaa yaaddanitti, carraa namootaaf abdi kennuus argachuu ni dandeessu.

### Barsiisa:

Faarsaan 130, jechoota hiika ciccimaa qaban muraasatti ni fayyadama. Yeroo nuti boqonaa kanarra jechoota jiraaniif hiika isaanii barbaannutti, hubannoон nuti boqonaa kanaaf qabnus ni guddata. Jechoonni kanneenis akka armaan gadiitti tarreffamaniiru;

- a. **Araara:** Jechuun Waaqayyo wanta irra daddarbaa keenyaaf nuuf malu; du'a yookiin adabbii, nu irratti raawwachuu dhiisuu Isaa jechuu dha.
- b. **Dhiifama:** Kunimmoo wanta nuti argannu yookiin wanta nuuf malu miti. Dhhifamni kennaa qaami nuti itti balleessinee nuuf kenuu dha. Dhugaatti, qaamni nuuf dhiifama godhe waa'ee irra daddarbaa keenya hin yaadatu. Dhiifamni, wanta Waaqayyo yeroo nuti Isa cubbinuu fi

## Fedha waaqayyoo, karaa keebya

---

Isaaf adda baanee jiraachuu dadhabnu illee kan nuuf kennamu dha. Waaqayyo akka hariiroon nuti Isa waliin uumne irra daddarba keenyaan hin laafneef yeroo hunda dhiifama nuuf godha.

- c. **Sodaa:** Faarsaa kana keessatti sodaan, gochaa wantoota adda addaa sodaachuuti. Sodaan miira yaaddoo waliin walitti dabalam ee namoota keessa ni jiraata. Gatii Waaqayyo nuun nu jaallateef, cubbuu keenya nuuf dhiiseef, akkasumas nuun nu uumeef Waaqayyoon ni sodaanna.
- d. **Abdi:** Abdiin gochaa wanna tokko barbaaduu fi fedhuu jechuu miti. Abdiin akka jireenyi keenya dhugaa Waaqayyoorratti hundaa'uuf kan nu geggeessu dha.
- e. **Fayyina:** Fayyina jechuun dhiigi dhangala'uu isaa ibsa, Yesuus addunyaa kana fayyisuuf, ni du'e. Fayyina jechuun, gatii Inni nuuf dhiiga isaa dhangalaaseef, nuti ijoollota isaa akka ta'uudhaaf dandeenye nutti agarsiisa. Lubbuun Isaa, namootaaf kennamte. Du'uun Yesuus akka nuti aboo mucummaa argannu nu taasise.

### Kadhannaan:

Yaa Waaqayyo, akka nuti araara Keetiif boonyu ni beekta, Ati cubbuu keenya nu irratti hin lakkooftu. Utuu Ati cubbuu keenya nu irratti ni lakkoofta ta'ee, nuti Si fuuldura dhaabachuu hin dandeenyu turre. Ati cubbuu keenya narratti lakkaa'uu dhiisuudhaan, dhiifamas nuuf in goote. Wanti nuti gochuu dandeenyu, Siin si sodaachuu fi galata Siif galchuu qofa dha. Abdiin keenya Si keessatti argama. Bu'urri jirenyi keenyaas Sirratti hundaa'e. Wanna nuti yaadnuu ol nuuf goote. Akka Ati cubbuu keenya nuuf dhiisuudhaan, mucaa Kee akka nu godhattu waan beeknuuf keessi keenya ni gammada. Nuti galata qofa Siif kennina.

---

---

---

---

## Keessa deebii:

Baga gammaddan, Qo'annoo Moojulii **Fedha Waaqayyoo, Karaa keenya** jedhu kana xumurtaniittu. Amma, isin beekumsa kutaawwan Macaafa Qulqulluu barattan irratti qabdan gabbifattaniittu. Kun yeroo itti keessa deebitani dha. Akka kun qormaata hin taane caqasaa, kun kan isin itti haala jirenya keessanii ittiin sirreffattani dha. Yeroo moojulii kana barattanitti, waa'ee dhugaa Waaqayyoo fi namoota Macaafa Qulqulluu keessa jiranii ni hubattu. Isin akkamitti akka dhugaawwan kana jirenya keessan jaarrea 21 ffaa keessa jiru irratti akka hojiirra oolchitan hubannoo argachaati jirtu.

Mee waa'ee namoota kanneenii keessa deebi'uun haa yaadannu:

1. Naa'oomii: \_\_\_\_\_
2. Ruut: \_\_\_\_\_
3. Boo'aaz: \_\_\_\_\_
4. Haannaa: \_\_\_\_\_
5. Eelii: \_\_\_\_\_
6. Saamu'eel: \_\_\_\_\_
7. Saa'ol: \_\_\_\_\_

Amma immoo, kartaawwan keessa deeb'uun haa ilaallu. Bakkeewwan armaan gaditti caqafaman kaartaa irratti eeraa:

1. Shiloothii, Bakka Godoon Qulqullummaa itti argamu- Bakka sagadaa fi aarsaa (Macaafa Saamu'eel isa duraa 1:3)
2. Eefreem- biyya gaarawaa, kan magaalli Raamaa keessatti argamtu. Bakka Haannaa fi Eelqaanaan jiraachaa turan (Macaafa Saamu'eel isa duraa 1:1, Macaafa Saamu'eel isa duraa 2:11)
3. Lafa qarqara galaana Medetraaniyaanii, kan Filisxeemotaan to'atame (Macaafa Saamu'eel isa duraa 4:1-2)

## Fedha waaqayyoo, karaa keebya

---

4. Magaalota Filisxeem, bakka itti Saanduqi Kakuu itti fudhatame: Ashdood, Gaaz, Eekroon (Macaafa Saamu'eel isa duraa 5)
5. Beete Saamee, bakka itti saanduqi kakuu saba Israa'eliif deebifame. (Macaafa Saamu'eel isa duraa 6:10-12)
6. Kiriaz Jeeriim, bakka itti Saanduqa kakuuf, Alaazaariin eegumsi godhamaa ture. (Macaafa Saamu'eel isa duraa 7:1)
7. Bakka jirenyaa Sanyyii Biiniyaam- Bakka Saa'ol jiraate (Macaafa Saamu'eel isa duraa 1:9)

### **Keessa deebii ibsaa:**

Namoota beekamoo sadan moojulii fedha Waaqayyoo, Karaa keenya jedhu kana keessatti baranneerra.

1. Akkamitti akka fedhiin Waaqayyoo jirenya Ruut keessatti mul'achaa ture fakkeenya kenni:  
\_\_\_\_\_
2. Akkamitti akka fedhiin Waaqayyoo jirenya Saamu'eel keessatti mul'achaa ture fakkeenya kenni:  
\_\_\_\_\_
3. Filanno sabni Israa'eel fedhii Waaqayyoo tuffachuudhaan taasisan maal turee?  
\_\_\_\_\_
4. Saa'ool fedha Waaqayyoo raawwachuu dhiisuudhaan fedha mataasaa raawwachuusaa kan eeru fakkeenya kenni:  
\_\_\_\_\_

### **Keessa deebii raawwii:**

1. Macaafa Ruut 4:16 irratti, Naa'oomiinis mucicha fuutee ni baatte, jedha. Raawwii maalii jirenya keessan irratti qabaa?  
\_\_\_\_\_  
\_\_\_\_\_

## Fedha waaqayyoo, karaa keebya

---

2. Macaafa Saamu'eel isa duraa 2:1 irrati, Lubbuun koo Waaqayyotti ni gammaddi....ana fayyisuu keettis nan gammada, Jedha. Yeroo ani haalota rakkisoo kessa ta'utti dubbiwwan Haannaarra maalan baradhaa?

---

---

3. Macaaffi Faarsaa 130'n waa'ee Abdii dubbata, hiikkoowwan jechoota armaan gadii irra deebi'uun caqasi, akkamisiraachoon Macaafa Faarsaa 130 keessa jiru isinitti dubbatutti.
- Araara:\_\_\_\_\_
  - Dhiifama:\_\_\_\_\_
  - Sodaa:\_\_\_\_\_
  - Abdii:\_\_\_\_\_
  - Fayyina:\_\_\_\_\_

### Kadhannaa:

Yaa Waaqayyo Gooftaa, akka ani qo'anna moojulii kan biraaxumuruuf na dandeessisteetta. Akka ani namoota tajaajiluuf jaalala keetiin ana kakaasteetta. Akka ani jirenya Saamu'eel, isa jirenya isaa Si keessatti geggeeffataa ture ilaalu na dandeessifteetta. Akka hafuurri kee ana jijjiruu danda'u, akkan hubadhu na gooteetta. Barannoowwan kun, dabalataanis, akka ani Siif tuffii hin qabaannee akeekkachiisa naaf kennaniiru. Ati yeroo hundumaa araaraa fi ayyaana keetiin akka na jiraachiftu hubadheera. Akka ani Misiraachoo kana namoota biraatti himuuf Ati na jabeessi.

---

---